XIINXALA AFOOLAA ASOOSAMA SUSSUKA ADOOLESSAA KEESSATTI

QORATAAN: QANNOO TAAMMIRUU

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FIFOOKILOORIIKOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAAJOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII YUUNIVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

XIINXALA AFOOLAA ASOOSAMA “SUSSUKA ADOOLESSAA” KEESSATTI

QORATAAN: QANNOO TAAMMIRUU

GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII
YUUNIVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021
FINFINNEE

Galata

Hundumaa dursa waan hundumaa: dhabuuf argachuu, gaddaa fi gammachuu fi kkf keessatti na gargaaree fayyaa guutuu naaf kennee akkan hojii kana hojjedhuuf jabina naaf kennee waaqa isa hundumaa danda’uuf galanni guddaan haa ta'u.

Itti aansuudhaan Abbaa koo Taammiruu Naggasaa fi Haadha koo Sannaayee Tashoomaa, hojiin hojjedhe hundumaaf bu’uura kan naaf ta’e isin.osoo isin na jabeessitanii kara yaadaaf maallaqa keessan osoo hin qusatin na bira dhaabbachaa turuu keessan yoomuu hin dagadhu.kanaafuu firiin hojii koo kanaa ana osoo hin taane isinidha waan ta’eef galannin isiniif qabu galaana.

Kana malees galma ga’iinsa qorannoo koo kanaas ta’ee, naman barumsa idilee irraa baradhe taatanii na barsiisuu keessan keessatti naman waan guddaa irraa bare Dr. Asafaa Tafarraa isinirraa barachuu kootti osoon gammaduu gorsaa koo ta’uun keessan immoo hedduu kan na gammachiiseedha.nuffii tokko malee gorsa barbaachisu naaf laattanii na sirreessuu keessaniif galannin isiniif qabu galata dagatamu miti.

Akkasumas hiriyoonni koo fi firoonni koo kan gorsaanis ta’ee karaa adda addaa na bira dhaabbattan ulfaadhaa.

Axareera

Qorannoon kun afoola asoosama afaan oromoo jiran keessaa asoosama sussuka adoolessaa xiinxaluurratti yoo xiyyeeffatu, qorataan baarreessaan asoosama afoola adda addaatti fayyadamanii sababa asoosamoota tokko tokko barreessaa jiraanirraan kan ka'e itti fayyadama afoolaa asoosamoota keessatti maal akka fakkaatu hubachuuf ka'umsa argatee, kaayyoolee: gosoota afoola asoosamoota kanneen keessatti argaman adda baasuu; faayidaa afoolli asoosamoota keessatti qabu tarreessuu; qabiyyee afoola asoosamoota kenneen keessaa ibsuu; fi walfakkeenya afoolaa fi ogbarruuwwanii illee fudhachuun qorannoo gaggeesse. Qorannoon kun qorannoo bu'uuraa yoo ta'u, mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun ibsi kan irratti kennameedha. Odeeffannoo mala sakatta'iinsa kitaabaatiin kan fuunaname yoo ta'u, afoolota kitaabolee kanneen keessatti argamanirratti kan raawwatamedha. Afoolota funaanaman kunniin akkatuma gosoota isaaniin adda baasuun qabiyyee fi faayidaa asoosamoota kanneen keessatti qaban ballinaan xiinxalamee jira. Dhumarratti, ragaalee xiinxalamanirratti hundaahuun argannoo qorannichaa:gosoonni afoola asoosamoota kanneen keessatti argaman mammaaksa, geerarsa, sirboota geelloo,kadhaa,jechamootaa,arrabsoo,abaarsa,himiinsaa fi eebbi jiraachuusaanii hubatameera. Afoolli asoosamoota kanneen keessatti argaman aadaa, duudhaa, safuu, amantaa, faalasama ummanni Oromoo dur qabu dhaloota harraa hubachiisuuf,dhaloota boriif immoo hambaa ka'anii darbuuf sirnoonni arrabsoon sirna fuudhaa fi heerumaa irratti geggeeffamu,sirboonni geelloo fi kkf jiran tajaajilamuun yaa'an asoosamoota akka guddatu ibsuuf kan fayyadaman yoo ta'u, sirboonnii fi faaruwwaan sirnoota kanarratti sirbaman ammoo, yoomessaa agarsiisuuf akka fayyadaman, afoolonni asoosamoota kana keessatti waldiddaafi dhaamsaa asoosamootaaf bu'uura ta'aniiru. Kana malees, waliin dubbii keessatti barsiisuuf, dubbi jalqabuu, gabaabsuuf, mi'essuu/miidhagsuu, addaan kutuu fi walitti qabuu/goolabuuf fayyadamaa turaniiru.

BAAFATA

Qabiyyee **Fuula**

Galata i

Axareera ii

BOQONNAA TOKKO 1

1.1. Seenduubee 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa 3

1.3.2. Kaayyoowwaan Gooree Qorannicha: 3

1.4. BarbaachisummaaQorannichaa 3

1.5. Daangaa Qorannichaa 4

1.6 Hanqina Qorannichaa 4

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE 5

2.1. Maalummaa Afoolaa 5

2.2. Gosoota Afoolaa 7

2.2.1 Afwalaloo 8

2.2.2. Raagoowwaan/Seneffamoota/Af-seenessoo 8

2.2.3. Qareeyyii 9

2.3. Faayidaa Afoolaa 9

2.4. Garaagarummaa fi wal fakkeenya af-walaloo fi bar-walaloo 10

2.5. Maalummaa Asoosamaa 12

2.6. Gosoota Asoosamaa 13

2.6.1. Asoosama Gabaabaa 15

2.6.2. Asoosama Dheeraa 15

2.6.3. Asoosama Giddu Galeessaa 16

2.7 Caacculee asoosamaa 17

2.7.1. Jaargocha (Plot) 17

2.7.2.Nam-fakkii (Character) 19

2.7.2.1 Namfakkii Uumuu 20

2.7.2.2. Akaakuu Nam-fakkii 20

2.7.2.2.1 Akaakuu Nam-fakkii Amalaan (Behavioral Characterization) 21
2.7.3. Waldiddaa (Conflict) 22
2.8. Hariiroo Afoolaa fi Og-barruu Barreeffamaa 23
2.8.1. Fayyadama Afoolaa Og-barruu Barreeffamaa Keessatti 23
2.8.2. Wal-fakkeenyaa fi Garaagarummaa Afoolaa fi Og-barruu Barreeffamaa 24
2.9. Xiinxala Barreeffamoota Wal-fakkaataanii 25
BOQONNAA SADII 27
MALAA FI SAXAXA QORANNOO 27
3.1. Madda Odeeffannoo 27
3.2. Mala Iddatteessuu 27
3.3. Mala Funaansa Ragaalee/Odeeffannoo 28
3.4. Tooftaalee /Adeemsa Qaaccessa Ragaalee 28
3.5. Mala Qindaa'inaa Qorannoo 28
BQONNAA AFUR 30
XIINXALA AFOOLAA KITAABA ASOOSAMAA SUSSUKA ADOOLESSAA 30
4.1. Ibsa kitaabichaa 30
4.2 GEERARSA 31
BOQONNAA 5: GUDUNFAA FI YAADA FURMAATAA 47
5.1 Gudunfaa 47
Wabiilee 49
Dabalee

BOQONNAA TOKKO

1.1. Seenduubee

Og-afaan damee ogummaa keessa tokko ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Kunis aadaa, duudhaa, safuu, barsiifataa fi seenaa saba tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan dabarsudha.

Ogummaan bifa barreeffamaatiin osoo hin ta'in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa ture fi ammas fuulduratti kan darbu damee aadaa saba tokkooti. (Wasanee, 2000:1)

Og-afaanni ibsituu aadaa calaqqisiiftuu eenyummaati. Kunis kan hubachiisu afoola beekuun aadaa beekuu , aadaa beekuun jireenya dhuunfaa fi Hawaasaa beekuurra darbanii of beekuudha. Afoolli beekumsa fi hawaasa beekuurra darbanii of beekuudha. Afoolli beekumsaa fi amantaa aadaa hawaasichaa jechaa fi afaaniin kan dabarsudha. Kana jechuun Uummanni Oromoo bara duriitii eegalee hanga har'atti afoolli ibsituu aadaa isaa fi mul'iftuu eenyummaa isaa ta'uu gadi fageenyaan waan hubateef karaa garaa garaatiin dabarfata jechuudha.

Akkasumas Geetachoo (1998:92) afoola yoo ibsu "afoolli muuxannoo yeeroo dheeraaf dhalli namaa kuufate ta'ee kan ilmi namaa jiruu fi jireenya isaa keessatti kan isa quunname, kan isa mudate gammachuu, gadda, aadaa, duudhaa, seenaa fi eenyummaa isaa haala adda addaatiin dabarsudha.

Akkuma beekamu Afoolaan ilmi namaa haala akkamii keessa jiraachaa akka turee fi maaliin jiraachaa akka ture, akkasumas sirna akkamii keessa jiraachaa akka ture ,ifa baasuu fi irraa barachuun ni danda'ama. Dhalli namaa aadaa, seenaafi duudhaa walumaagalatti haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatu keessaa afoolli isa murteessaadha. Afoolaafi hawaasa addaan baasanii ilaaluun hindanda'amu.Sababiin isaas hawaasni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, miidhaginaafi godoomina quuqaafi badhaadhinasaa afoolatti fayyadamee ibsachaa waan tureefi.Har'as afoolatti dhimma ba'anii haala keessa jiru hawaasni ibsachaa jira. Kanaafuu, afoolli umurii dheeraa kanqabuufi eenyummaa uummataa baatee kan deemuu jechuun ni danda'ama.

Sabni Oromoos aadaa, seenaafi duudhaa isaa kan ittiin ibsatu dureessa afoolaati.Oromoon geerarsaan, mammaaksaan, faaruuwwan, sirbootaa, hibboowwaniifi walleewwaan adda addaatti

fayyadamuun osoo afaan isaa sirna barreeffamaan hin jalqabiin duras afaaniifi seenaa isaa afoolaan tursiisuu danda'eera. Yeroo ammaa kanas Afaan Oromoo erga afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi miidiyaa ta'ee ogbarruu adda addaa horachuun afaan guddinarra jiran keessaatti argama.Barreessitoonnis, Afaan Oromoo fayyadamuun kitaaboolee ogbarruu adda addaa barreessaafi maxxansaa jiru.Haaluma kanaan, asoosamootni Afaan Oromoon barreeffamanis lakkoofsaan heddummataniiru. Qorannoon kunis asoosama Afaan Oromoon barreeffame Sussuka Adoolessaa jedhu keessatti Afoolawwaan argaman xiinxaluurratti hundaa'ee kan gaggeeffamedha. Asoosama kana keessatti gosoota afoolaa fayyadamaman, maaliif akka fayyadamaman, haala akkamiin keessaatti akka fayyadamaaniifi faayidaa akkamii akka qaban adda baasuun kan xiinxamaniidha. Kanaaf, qoratichis adeemsa sakatta'insa xiinxala afoolaa asoosama kanaa boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaataniiru. Afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu hambaa uummataati.Abalummaan osoo hin taane uummattummaan beekama. (Geetaachoo,2005).Yaadni kun kan ibsu afoolli abbummaan isaa akka warroota barreeffamaan dhiyaatanii nama dhuunfaan kan hin ibsamneedha.Abaluun isaas kan hin beekamnee fi qabeenya waloo ta'uu isaa irraa kan hubannuudha.

Hawaaasni afoola isaatiin muuxannoo jiruuf jireenya,duudha rakkinaa jireenya keessatti isa mudate kan ittiin ibsatuudha.Finnegaan (2012) akka barreessitetti, "Afoolli duudhawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta'ee baroota dheeraadhaaf sammuu namootaa burqee kan himamuudha.Akkasumas yoomessa murtaa'e keessatti kan qindaa'ee raawwatu" akka ta'e ibsiteetti.Yaadni kun kan nu hubachiisu,afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, yoomessa mata isaa kan qabuu fi dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dadarbuudha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Mataduree tokkorraatti qorannoo gaggeessuuf wantonni qorataaf ka'umsaa ta'an jiraachuun dirqama. Haaluma kanaan, Afoola Asoosama Sussuka Adoolessaakeessatti argaman xiinxaluuf wantoonni bu'uuraa: Afoolli aadaa, seenaa, duudhaa,akkasumas jiruufi jireenya hawaasaa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Asoosamni ammoo, gosa og-barruu barreeffamaa ta'ee muuxannoo hawaasa tokkoo duraan ture funaanee barreeffamaan labataaf kandabarsuudha. Haa ta'u malee, barreessitoonni asoosamaa afoola enyummaan isaa kan hawaasaa ta'e kanatti fayyadamuun yeroo asoosama isaanii barreessan mullatu. Kanaafuu, qorataan afoolonni og-barruu barreeffamaa, kessattuu asoosamoota keessatti argaman faayidaa isaan asoosamoota

kanneen keessatti qabaniifi qabiyyee isaanii xiinxalee itti fayyadama afoolaarratti beekumsa (odeeffannoo) dabaluuf ka'umsa kan argate yoo ta'u, adeemsa qorannoo kanaa keessatti gaaffilee bu'uuraa qorataa kakaasanii qorannoo kanaan deebii argatan:

- Gosoonni afoolaa asoosama Sussuka Adoolessaa keessatti argaman maal fa'i?
- Afoolonni asoosama kana keessatti argaman faayidaa akkamii qabu?
- Asoosamni kun ballinaan gosa afoolaa akkamiitti fayyadame?
- Qabiyyee afoolaa asoosama kanaa maal fa'i?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kaayyoo gurguddaa lama qaba.isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodama

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa; Afoola Asoosama Sussuka Adoolessaa keessatti argaman xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoowwaan Gooree Qorannicha:

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Gosoota afoolaa asoosama filatame keessatti argaman adda baasuu.
- Faayidaa afoolli asoosama filatame kana keessatti qabu tarreessuu.
- Asoosamni kun gosoota afoolaa ballinaan fayyadame eeruu.
- Qabiyyee gosoota afoolaa asoosama filatame kana keessatti argamanii ibsuu.

1.4. BarbaachisummaaQorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffameef afoola asoosama kana keessa jiran funaanuun faayidaa isaan og-barruu barreefamaa ykn asoosama keessatti qaban xiinxaluufidha. Kun ammoo, asoosama afoolatti fayyadamee barreessuun bu'aa inni Jiruufi jireenya hawaasaa ibsuuf ykn calaqqisiisuuf qabu agarsiisuuf kan qoratameedha. Haaluma kanaan, qorannoo kanatti kallattiin kan fayyadamoo ta'an:

- Barattoonni Namoota gara fuul-duraatti qorannoo kanaan wal-fakkaatu gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kallattii agarsiisuun ni tajaajila.
- Barreessitoonni asoosama barreessan sababaafi faayidaa afoolatti fayyadamanii barreessuun qabu hubatanii asoosamoota fuulduratti Afaan Oromoon barreeffaman, afoolatti fayyadamuuf hubannoo isaanii akka gabbifatan nitaassisa.

- Ogbarruu afoolatti fayyadamanii barreessuun afoolli hawaasa tokkoo bifa barreeffamaan osoo hijijjiramiin akka dhalootatti darbu waan taasisuuf jiruufi jireenyi hawaasacha yeroo barreessaan barreeffama isaa keessatti fayyadamee dhaloota boodaan dhufan, jireenya hawaasa darbee maal akka fakkaatu akka hubataniif hambaa ta'ee tajaajiluu danda'a.

- Barattoonni (namoonni) afoolaa fi og-barruu qorachuu barbaadaniif walitti dhufeenya ykn hariiroo afoolaafi ogbarruu (asoosamaa) hammam walitti hidhatiinsa akka qabu hubachuuf nigargaara.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo kun osoo afoola Asoosamoota Afaan Oromoon barreeffaman hundarrattii gaggeeffamee fayyadamni afoola isaanii maal akka fakkaatu hubatamee baay'ee gaariidha. Haa ta'u malee, qorataan qorannoo kanaa sababa yerootiin kan walqabateef ykn yeroo ballaa waan gaafatuuf asoosama Afaan Oromoon barreefaman hundarratti gaggeessuu waan hin dandeenyeef asoosama Afaan Oromoo jiran keessaa Asoosama Sussuka Adoolessaa keessatti gosoota afoolaa jiran hunda xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun sakatta'ee jira.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo geggeeffamaa turetti hanqinootni tokko tokko qorataa mudataa turan.Hanqinoota kanneen keessaa inni jalqabaa hanqina yerooti. Yeroon hojii qorannoo kanaaf kenname hojii barnoota idilee wajjin walirra waan bu'eef gahaa miti. Kana malees bara dhukkubni covid 19 biyya weeraraa jiru ta'eef yeroo qorannoon tokko jalqabuu qabutti barattoonni biyya turanii dhufanii qorannoo itti eegalan yeroo gabaabduu waan ta'eefidha.Hanqinni kan biroo immoo hanqina kitaaba wabiiti. Kana yoo jennu, kitaabonni mata duree qorannoo kana wajjin wal qabatan ykn asoosamni afoolaan wal-qabatanii jiran hagas mara hin jiran.kana jechuun guutummaa guutummaatti hin jiran jechuu osoo hin taane gahoo miti.Rakkoowwan kunniin hojii qorannoo kanaa irratti dhiibbaa geessisaniiru. Haa ta'u malee hanqinoota kanneeniif hojii qorannoo kanaa osoo hin laaffisiin yeroo kenname keessatti kitaabolee garaagaraafi qorannoolee darban adda addaa sakatta'uun qorannoon kun haala gaariin hojjetamee jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

2.1. Maalummaa Afoolaa

Maalummaa afoolaa ilaachisee hayyoonni adda addaa hiika danuu itti kennaniiru. Haa ta'u malee, yeroo jalqabaatiif hiika afoola jedhu kan itti fayadaman qorattoota H.M.fi .N.K Chad Wiks jedhaman kitaaba isaanii bara 1940 maxxanfame The Growth Of Literature jedhamu keessatti akka ta'e ni dubbatama. Isaanis "Og-barruu (literature) jiruu fi jireenya hawaasaa tokkoo kan barreeffamaan (written) darbuu fi Afoola (Oral literature) kan barreeffamaan osoo hin ta'in jechootaan ykn afaaniin miidhaganii dhiyaatanii eenyummaa hawaasichaa ibsu jechuun moggaasanii akka itti fayyadaman'' (Warquun, 2001:5) ibseera. Kanarraa ka'uun, afoolli dameeewwaan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, kan jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo afaaniin labata tokkorraa gara labata birootti dabarsu jechuun ni danda'ama. kana jechuun afoolli muuxannoo jireenya hawaasaa kan afaaniin dhalootarraa gara dhalootaatti kan dabarsu ta'uusaa addeessa. Dabalataanis, "Afoolii bifa litireecherii'ta'ee aadaa, duudhaa, seenaa fi eenyummaa dhaloota darbee himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootattii kan daddarbu".(Geetachoo, 2006:141) jechuun yaada hayyootaa armaan olii deeggara. Hiikaawwan armaan olitti ibsaman kunniin afoolli aadaa, seenaa, duudhaa jiruu fi jireenya hawaasa kan ibsu ta'uusaa fi jechoota afaaniin dubbatamaniin qofa darbaa kan ture ta'uusaa irratti walii galu.Soofiyaan (1999:1) "Afoola jechuun barreeffamaan osoo hinta'in afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufee fi darbaa kan jiru, fuul-durattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti"jechuun ibsiti. Innis sabni tokko eenyummaa, falaasama, amantii, haala jiruu fi jireenyasaa, walumaagalatti ilaalcha addunyaarra jiru kanaaf qabu gara dhaloota itti aanuuf dabarsuuf afoolli shoora inni qabu baay'ee olaanaa ta'uu ibsiti. Wikipedia free encyclopedia akka ibsutti ammoo, "afoolli afaaniin darba jechuun, jechoota dubbatamaniin sababii darbuuf, afoolli afaan dubbii ta'ee hawaasa keessa jiraata. Yoo hawaasni hin jiraanne afoolli akka baduu danda'uu fi hawaasa keessatti tajaajila waan dhabuuf yoomessa hawaasummaa akka qabaatu" dubbata.

Yaada kana Soofiyaa (1999:1) yoo ibsitu, "Uummata keessatti gareen ta'uun ykn dhuunfaan afoolaan haala keessa jiran hubachuun walqeequudhaan kandarbe ittiin yaadatu, kan amma irra jiran itti hubatu, kan gara fulduraatti itti dhufu itti akeeku, haala uummata naannoo ni xiinxalu, madda dhaloota isaanii ykn ittiin walhoran ni ibsu, ciminaafi dadhabbina isaaniis ni xinxalu".jechuun afoolli hawaasa keessatti qooda guddaa fi tajaajila hedduu akka qabu ibsiteetti.

Afoolli aadaadhan yeroo wal-qabsiisan ammoo, aadaan waan hawaasni tokko ittiin beekamu mara waan hammatuuf afoolli muuxannoo jiruu fi jireenya ummataa baatee akka deemu, afoolli saba bade tokko jechuun aadaa, afaanii fi hawaasichi baduurraan waan adda bahee ilaalamu akka hin dandeenye agarsiisa.

Ilmi namaa fedhii, hawwii ykn abdii, sodaa, gaddaafi gammachuu, xiinsammuu, miidhaginaafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin hubachuun danda'amu afoola gosa hedduutu jira jechuun ibseera. Mesfin (1995:42), "Uummanni ballaan osoo waan tokko hin baratiin akkanumatti kan kuufate qabeenyi uummataa ykn hambaan hundinuu afoola jedhama".jechuun Finneggaan wabeeffatee ibsa.Yaadni kunnin afoolli qabeenya hawaasaati yoo jedhu afoolli hawaasa isaa biratti bakka hundumaa fi waan hundumaa keessati itti fayyadamanii waan barbaadan (gaddaa fi gammachuu, jaalalaa fi jibba, qaroominaa fi doofummaa) hawaasa isaa ibsuuf humna cimaa qabaachuu isaati. Kanaafuu, afoola hawaasa tokkoo qorachuun, eenyuummaa saba tokkoo hubachuu fi beekuu waan nama dandeessisuuf afoolli bu'aa guddaa qaba jechuu nama dandeessisa. afoola qorachuun eenyummaa saba tokkoo isa dhokataa beekuu akka ta'e Dasitaan (2002:59) Abarraa fi warreen biroos (1992:ix) wabeeffachuun, "Afoolli maalummaa saba tokko kan himan keessaa ragaa isa guddaadhaa"jedha.

Yaannii kunis afoollii fi hawaaasa baay'ee walitti hidhamiinsa akka qaban nama hubachiisa. Kanumarraan kan ka'e, hayyoonni qorannoo adda addaa irratti gaggeessaa turaniiru. Dassitaan (2011:7) "Damee fookloorii keessaa kan xiyyeeffannoo gaarii argatee kan qorannoon haalaan irratti gaggeeffamaa jiru og-afaani".jechuun hubachiisa. Walumaagalatti, akkuma Soofiyaa (1999:2) jedhe, afoolli haala jiruu fi jireenya dhaloota darbee kan ibsu daawwitii aadaa, seenaa, jireenya, qaroominaa fi guddina hawaasni irra jiran kan ittiin xiinxallu, kan gara fuul-duraatti dhufu kan ittiin tilmaamnu hambaa afaanii fi aadaa saba tokkooti jechuun ni danda'ama. Kana malees yaanni biraa ka'uu yoo jiraate afoolli himamsa afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu fi gareewwan garaa garaa hammachuu isaati.kana jechuun afoolli oguma afaaniin uumamee afaanumaan dhalootaa gara dhalootaatti darbuudha.

Akka yaada kanaatti, afoolli beekumsa kanneen jechootaan bifa sirbaan qindaa'uun dhiyaatan, tartiibaankan qinda'anii bifa seenaan qopha'an ykn taatewwan amantii ibsan kanneen jechaan ykn gaaleedhaan dhiyaataniidha.Afoolli bifoota addaddaatti adda ba'uun fooklooriin qoratamaniiru. Melakneh (2006) yoo ibsu,

Afoola jechuun og-afaan dhalli namaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufeedha. Kunis,kan of keessatti hammatu, tapha ijoollee,Af seenaa, durdurii, mammaksa, hibboo, ateetee, sirbootaa fi af-walaloowwan garaagaraa kanneen jiruuf jireenya hawaasaa keessatti akka sirna bulmaataa fi faayidaa adda addaaf oolaniidha.afoolli hojii kalaqaa miiraa hawwataa qabuu fi miidhagina gonfateedha. afoolli hojii kalaqaa bifa walalootiin ykn bifa ololootiin dhiyaatu ta'ee,kan namoota ogummaa waa kalaquu qabaniin uumaniidha.

2.2. Gosoota Afoolaa

Afoolli oromoo baay'ee baay'ee ballaadha.gooroon fookloorii kun gosoota garaa garaa of keessaa qaba.dhimma qoratanii fi ulaagaa irratti hundaa'uun hayyoonni og-afaan iddoo adda addaatti qoodaniiru,

Fedhasaan (2019:35) akka ibsetti, Afoolli oromoo baay'ee ballaadha; gosoota adda addaas of keessaa qaba. ballina isaa irraan kan ka'e takkaatti qoratanii waliin ga'uun nama dhiba. kanafuu, namni afoola qorachuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirriitti hubachuun daangeffachuu yoo baate, akka nama galaanatti axxissoo bu'ee karaa ba'umsaa dhabee ta'a.kanaafuu afoola qorachuun dura maal irratti qorachuu akka qaban adda baasuun gaariidha.jechuun ibsee jira.

Yaada kana irraa kan hubannu afoola oromoo osoo mata duree hin daangeffatin kan jalqaban yoo ta'e akka waan afoolli hundumtuu yoo hafe nama komatuu ykn tokko kaasnaan hunduu ka'uu kan qabu ta'uu isaa irraa hubanna.kanaafuu afoola oromoo qorachuuf dangaa itti gochuun isa bu'uuraa akka ta'e nu hubachiisa.

Finnegan (1992),yoo qoqqoodu:

> *ulaagaalee akka unkaa ykn caasaa qabaachuu,dhimma ykn ergaa,yoomessa, hurruubummaa fi qooddii hawaasaan taasifamu irratti hundaa'uun afoola bakka sadiitti qooddi. isaanis kanneen bifa waliin dubbii qaban (conservation), kan akka jechama,mammaaksa,abaarsa, hoodaa fi moggaasa yoo ta'an, kanneen bifa taphaa qaban (plays), hibboo,dorgaa dorgee, gochaalee ayyaaneffannaa fi taphoota hin karoorfamin yoo ta'u kan sadaffaa immoo, kanneen bifa asoosamaa (fictive), durdurii, sheekoo, raagamtaa, geerarsa, sirba, weedduu, bocaalee fakkii fi bocaalee ijaarsaati,jechuun qooddee jirti.*

Gama biraatiin immoo Okpiwhon (1992)

> *afoolli ulaagaalee qoodinsaa akka qabiyyee,qooddattootaa fi sochii qaamaa irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodama. isaanis;Af-seenessoo(oral narrative)*

Oduu durii(Af-seenaa fi Raagamtaa),Durdurii fi Sheekoodha. af-walaloo (oral poetry) sirba, weedduu, faaruu, geerarsa, tapha ijoollee, eebba, abaarsa, guungummii fi kkf dha. Qareeyyii kan jedhaman immoo kan akka hibboo, jechama, eebba, abaarsa, mammaaksaa fi kkf dha.

Kana malees gosoota afoolaa bakka lamatti Nagarii (1995:1) "gosoota afoolaa kanneen walaloo fi hololoodhaan dhiyaatu" jechuun bakka lamatti qoodee dhiyeessa.Okopewho (1999:78) yoo ibsu,"unka gaggabaaboo" jechuun qoodee jira.Haaluma kanaan, "gosoota afoolaa kanneen unkaa fi amala dhuunfaan qabanirratti hundaa'uun afwalaloo: geeraarsa, sirboota, faaruuwwan, huruursa daa'I mmanii, tapha ijoollee, mararoofi kkf, Raaagoowwan: durdurii, afseena, ragamtaa fi warra unka gaggabaaboo: hibboo fi mammaksa" jechuun adda baasee jira.

Yaada kana gosoota afoolaa kanneen haala armaan oliitti qooduun nuuf mirkaneessanii fi kan ibsan illee, hunduu gosoota addaddaatti haa qoodan malee ibsi isaan waa'ee afoolaa irratti qaban garri caalu kan wal fakkaatuudha.

2.2.1 Afwalaloo

Afwalaloon gooroowwaan afoolaa keessa tokko ta'ee bifa walaloon afaaniin dhalootaa kan dadarbuudha.Sagalee yeedaloo qabuun waan darbuuf miidhagina kan qabuufi qalbii namaa harkisuu kan danda'uudha.David (1995:2) yoo hiiku , "Oral poetry can be defined in various ways astric definition would include only poetry that is composed and transmitted with out any aid of writing ,"jedha. Afwalalo karaa adda adaan hiikamuu kan danda'uufi walaloo qindaa'ee barreeffamaan dhiyaatu osoo hin taane kan afaaniin darbuu danda'u ta'uusaa ibsa.Kanaafuu, afwalaloon kalaqa hawaasa karaa miidhagina qabuun amantaa, falaasama, ilaalcha, soda, jibba,jaalala, gootummaa,qeeqaafi kkf walaloo afaaniin miidhaksee kan ittiin of ibsu qabeenya ykn hambaa uummataati

2.2.2. Raagoowwaan/Seneffamoota/Af-seenessoo

Raagoowwaan gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta'ee kan bifa hololoo ykn seenessootiin dhiyaatee dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbaa kan dhufeedha.raagoowwan bifa gabaasuutiin ykn seenessuutiin gochootaa fi ta'iinsotaan raawwataman kan afaaniin dabarsu ta'uusaa ibsa. Akka Bascom (1965) ibsutti "raagoon seeneffamu (prose narratives) yaada bu'uuraa fookiloorii

ta’ee kan baratamu /hubatamu/ qabus ramaddii baratamaa (indigenous taxonomy) aadaa dubbii, afaanii fi muuxannoo hawaasaa kan hammatuudha. Raagoowwanunka (forms) isaarratti hundaa’uun bakka sadiitti qoodamu.Isaanis: oduudurii (af-seenaa, raagamtaa), durdurii fi sheekoo jechuun ilaalamu”jedha.Akka yaada bascomitti akka yaada bu’uuraatti ta’ee kan baratamu ta’uu isaa unka irratti hundaa’ee nuuf qooduu isaa hubanna.

Akka fedhasaan (2017) ibsetti seeneffamoonni af-seenaa waa'ee namoota aangoo isaaniitiin Uummata hoogganaa turanii seenessa.Bulchitoonni akkanaa wantoota ajaa'ibsiisoo ta'an raawwatan ykn yaalanii darbaniidha.Fknf seeneffamni waa'ee **Akkoo Manooyyee** gosa af-seenaa keessaa isa tokkodha."jechuun ibsee jira. Kana jechuun af-seenaan waa'ee waan nama beekamaa tokkoo fi aangoo qabuu kan seenessu ta'uu hubanna.

2.2.3. Qareeyyii

Dameewwan gurguddoo sadan afoolli itti qoqqoodaman keessaa qareeyyiin isa tokko. Qareeyyiin Afoolaawwaan unka gagabaaboo jedhaman ykn immoo gid-walaloo jedhamuunis ni beekama.Moggaasni jecha Qareeyyii afaan ingilizii kan'***witticism***' jedhu kan Okpewhon (1992) fayyadamerraa kan fudhatameedha.jechi kunis kan mogga'e ga'ee inni sammuu/arraba qaruu irratti qabuun moggaafame. Afoolawwan qareeyyii jedhaman kunniin firiiwwaan ykn gosoota afoolaa kanneen akka mammaksaa, hibboo jechamootaa fi ciigoowwanii of keessatti hammata.qareeyyiwwan kun jechoota gaggabaabootti fayyadamanii ergaa kan dabarsanii fi bashannansiisuudhaan kan barsiisaniidha.

2.3. Faayidaa Afoolaa

Afoolli faayidaa adda addaa qaba. Isaan keessaa tokko ijoollee afaan hiikuuf illee faayidaa guddaa kan qabuudha. Akkasumas guddina afaan tokkoof illee faayidaa qaba. Dandeettii illee ni guddisa. Seeraa fi miidhagina afaanii illee ni barsiisa. Beekumsa jechootaa illee ni ballisa. dandeettii waa qabachuu(memory) ijoollee illee ni gabbisa. kanaafuu afoolli barsiisuu, miliqsuu, bashannansiisuu, fi beeksisuu danda'a.

“Biyyootaa guddinarra jiran caalaa biyyoonni guddatan faayidaa afoolaa hubatanii kunuunsa barbaachisaa afoolaaf gochuuf baajataa gahaa akka ramadaniif; kun ammoo, guddina og-barruun barreeffamasaaniif bu’uura ta’uusaa Warquun (2001:9) ibsee jira. Kanaafuu, afoolli aadaa,

seenaa, falaasamaa fi amantii hawaasa tokkoo afaaniin labataa labatatti kan dabarsu qabeenya hawaasaa akka ta’e hubachiisa.Afoolli qabeenya hawaasaa ta’e kun gaddaa fi gammachuu, quuqqaa, badhaadhummaa hawaasaa ibsuuf bu’aa waan qabuuf faayidaalee afoolli hawaasaaf qabu keessaa muraasa kutaa kana keessatti ilaalameera.

Dirribaa (2010), Finnegan (1970) wabeeffachuun faayidaa afoolaa yoo ibsu "hirmaattota hojii Wal duukaa hiriirsuu, gurmeessuu fi miira waliin hojjechuu uumuu irra darbee jabinaan akka hojjetaniif ni kakaasa"jedha. Kan nuti Yaada kana irraa hubannu Afoolli hawaasa tokkummeessuu irra darbee kan mogolee isa laafe ykn hojii hojjechuuf fedha hin qabne illee jabeessee aadaa hojii cimaa akka hawaasni qabaatuuf illee humna kan qabu ta'uu hubanna. kun immoo hawaasni itti tolee jireenya gaarii ykn jireenya minyaawaa akka jiraatuuf hawaasa fayyada. Yaada kana deggeruun Dirribaan (2010:125), Sherdan wabeeffachuun yoo ibsu, "Jireenyi minyaawaa jechuun jireenya dheerina waggaatiin madaalamu osoo hin taane Jireenya aadaa hojii gaariidhaan madaalamuudha"jedha. Asirratti kan hubannu hojiin gaariin dorgomaa akka inni nama taasisuu fi afoolli immoo hojii gaarii/cimaa akka hojjennuuf kan hamilee namaa ta'u hubanna.kana malees turtiin nuyi lafarra jiraanne osoo hin taane hojii nuyi yeroo qabnu keessatti hojjenneen jireenyi keenya akka madaalamu kan nu hubachiisuudha. Walumaa galatti afoolli fiigicha dorgommii jireenyaaf taasifamu humna namatti horee kan nama fiigsisu jechuu ni dandeenya.

2.4. Garaagarummaa fi wal fakkeenya af-walaloo fi bar-walaloo

Afwalaloon gooroowwaan afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa walaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha. Sagalee yeedaloo qabuun waan darbuuf miidhagina kan qabuufi qalbii namaa harkisuu kan danda’uudha.kana malees kalaqa adda ta’een dhiyaachuun salphaatti sammuutti qabatamuu kan danda’u gooroo afoolaa keessaa isa tokkoodha. jechoota filatamoo,gaalee gaggabaaboo,yaada dimshaashaa fi ya’aa dhikkisa qabuunis kan dhiyaatuudha. akkasumas, sagalee yeedaloo qabuun waan darbuuf miidhagina kan qabuu fi qalbii namaa kan harkisuu danda’uudha. bar walaloon af-walaloo wajjin garaagarummaa qabu. akka Hiikaa fi Alamituun (2010:135) akka ibsanitti,

> *Af-walaloon bar walaloo irraa dhimmi adda isa taasisu inni guddaan,af walaloon afaaniin dhaloota tokko irraa dhaloota birootti kan darbu yoo ta’u qabeenyummaan isaas kan hawaasaati.kana malees af walaloon yeroo fi*

> *iddoodhaan,akkasumas dandeettii nama dhiyeessu sanaatiin garaagarummaa argisiisuu ni danda'a.Walaloon barreeffamaa garuu og-barruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u abbummaan isaas kan nama maqaadhaan beekamu tokkooti;mirga abbeentaa qaba jechuudha.karaa birootiin af walaloon guddina walaloo barreeffama afaan tokkoof bu'uuradha* jedha.

Yaadni waraabbii kanaa kan nu hubachiisu af walaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuu isaatiin hurruubummaa qabaachuu fi qabeenyummaan isaa kan hawaasaa ta'uu isaatiin bar walaloo irraaa garaagarummaa qabaata.Af walaloon walaloo barreeffamaaf ka'umsadha ykn bu'uuradha. Qooqni inni ittiin dhiyaatu hedduu kan ofitti nama harkisuu fi kan gammachuu namaa kennuudha.jecha muraasaanis suura sammuu namaa keessatti uumuu irratti ga'ee olaanaa qaba.akkasumas, waan yaadatamuuf, waan jedhamuuf, sammuu namaa qaruu irrattis ga'een isaa salphaa miti.

Afwalaloon gosa garaagaraatti qoodama.teshomen (2018) yoo ibsu,

> *Gooroon afoolaa bakka garaa garaatti qoodamuu danda'a.fakkeenyaaaf, afwalaloon oromoo bakka gurguddaa torbatti qoodamuu danda'a.isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaa fi abaarsa, guungummii fi tabaallii fa'i.isaan kunniin hawaasa oromoo keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubannoo gidduu isaanii jiru hedduu miti.*

Kanaafuu gosootni afwalaloo oromoo gurguddoo warri ta'an olitti kanneen heeraman kanneen ta'anis of jalatti akaakuu adda addaa qabu.yeroo tokko tokko taphni ijoollee illee bifa af-walalootiin kan dhiyaatuudha.

Ogbarruun jechoota miidhagina gonfataniin dhiiyaachuun kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo afaaniifi barreeffamaan kan calaqqisiisu ta‟uusaa Warquun (2002:5) Chaad Wiiksi (1940) wabeeffachuun ibserraa nihubatama. Kana jechuun, kan jechoota miidhagina gonfatanii afaaniin daddarban afoola yoo ta‟u, kan barreeffamaan dhiyaatan immmoo, ogbarruu barreeffamaa ta‟uu ibsa. Asoosamni sanyii ogbarruu barreeffamaa ta‟usaa armaan olitti ilaallee jirra.Kanaafuu, Afoolaas ta‟e asoosamni sanyii obgarruut jechuun nidanda‟ama.Afoolli umurii dheeraa qabaatee jiruufi jireenya hawaasaa afaaniin ibsaa tureera.Hat‟u malee, ogbarruun barreeffamaa erga ilmi namaa sirna barreeffamaa uumee itti fayyadamuu eegalee waan jalqabeef akka afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa ibsus umuriinsaa dhiyoo ta‟uunsaa nihubatama.Kanaafuu, afoolli ogbarruu barreeffamaatiif bu‟uura jechuun nidanda‟ama. Hariiroo ogbarruu barreeffamaafi afoolaa ilaalchisee Warquun (2001:5) yoo ibsu,

*"*Uummama ogbarruuf bu‘uurri afaani (language) malee barreeffama miti, walitti dhufeenyi ogbarruufi barreeffamaa waan akka tasaatti ta‘edha malee ummamaan miti"jedha.

Akkasumas, ogbarruun barreeffamaa (written literature) kan dhufe boodarra \ta‟‟uusaafi osoo barreeffamni hinjiraatiin afoolli jiraachuusaa dubbata. Yaadni kun umuriin afoolaa umurii afaaniin kanwalqabatu ta‟‟uusaa waan ibsuuf ilmi namaa erga afaanii waliigaluu eegalee ogummaa ittiin walceepha‟‟ee walisirreessuufi dubbatee ittiin waliigalu akka ummate nama agarsiisa. Sirni barreeffamaas yeroo dhufu, wanta ogbarruu afaaniin dubbatee ittiin jiruufi jireenyasaa ibsataa ture kana barreeffamaan akka dhalootaaf darbu waan tassisaa tureef hariiroon isaanii itti yaadamee akka hintaane agarsiisa.Yaaduma kanaarraa ka‟‟uun barreessitoonni afoolota kanneen barreeffama keessatti fayyadamuun barreessu. Kana kan dhugoomsu seenaa Ogbarruu Barreeffama Afaan Oromoo yeroo ilaallu, Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf barreeffamaan yeroo mul‟‟atu biyyoota akka Jarmaaniifi Faraansaa keessatti ijoollee Oromoo sababa Dandaala Garbaan gurguramanirraa raga funaanuun hayyoonni kan barreessanii har‟‟a seenaa Ogobarruu barreefa Oromoo keessatti iddoo guddaa qabu afoolota ta‟‟uunsaa Piroofeesar Richaardi Paankirasti (1976) barreesseen nimirkanaaha.

2.5. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni haala jiruu fi jireenya hawaasaa kan ibsuudha.Maalummaa asoosamaa ilaalchisee haayyonni adda addaa haala dirree qorannoo fi haala falaasama isaaniirratti hunda'uun hiika mataasaanii laatu.Malaaknee (2006,f.139)yoo ibsu,''Afiction prose narrative present apicture of real life specially of emotional erises in the life store of the man and woman portrayed,jedha.Akka ibsa haayyuu kanarraa hubannutti,asoosamni suuraa jireenya addunyaa dhugaa,keessattuu seenaa jireenya namootaa kan ibsu ta'uusaati.

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessa tokko ta'ee, tooftaa barreessuu namoonni dhugaarratti hunda'uun kalaqa sammuu baasanii ittin mul'isaniidha.Kalaqni barreeffamaa kunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kandeemuudha.Waa'ee dhimma asoosamaatiin walqabatee Fedhasaa(2013,f.67)haala kanaan hiika,''asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha.Akka yaada kanaatti,muuxannoo fi mudannoo namni tokko haala jiruufi jireenysaa keessatti mul'isuufi sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa ittin dhihaatuudha.

Asoosamni dhugaa hawaasa keessaa bu’ureeffachuun haala sammuu barreessaa kan dabalatuudha. Yaada kana ilaalchisee Asafaa (2009, f.125) yoo ibsu,’’barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa’ee amala sansaka/personality/hubannoo fi kan kana fakkatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittin dabarsuudha.Akka yaada kanarraa hubannutti, waantoonni hawaasa keessatti calaqqisiifaman asoosaman ibsama.

Asoosamni akka afoolaa umurii dheeraa kan qabu osoo hin taane barreeffamaan waan dhiyaatuuf erga sirni barreeffamaa jalqabee kan eegalameedha.asoosamni akkuma afoolaa jiruufi jireenya hawaasa calaqqisiisuu isaatiin dubbistootaan jaallataamummaa argateera. Maalummaa isaarrattis yaadni adda addaa kennamaa tureera. Asoosamni sanyii og-barruu barreeffamaa ta'ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu'aa ba'ii hawaasaa adunyaa kana keessatti qunnamee fi qunnamuu danda'u uumeefii qindeessee bifa qabatamaa ta'een kan hawaasaaf dhiyeessuudha. Odeeffannoo toora interneetirraa *argame https://en.wikipedia.org/wiki/Fiction* yaad-rimee asoosamaa yoo ibsu, “Fiction is a term used to classify any story created by the imagination, rather than based strictly on history or fact”.Asoosamni seenaa dhugaa fi qabatamaa irratti hundaa'uudhaan hojii uumee ykn kalaqaa ta'ee kan arga yaadaan (imagination) barreeffamu muuxannoo hawaasaa ta'uu agarsiisa. Bu'aa ba'iin hawaasni jireenya isaa keessatti keessa darbu baay'eedha. Bu'aa ba'iin kun yeroo dheeraa kan fudhatuu fi ergaa tokkoon yaadachuun hin danda’amu. Asoosamni bu'aa ba'ii kana walitti qindeessee lubbuu itti godhee haala qabatamaan ija keenya dura dhaabuuf kan humna qabuudha. Asoosamni gaddaa fi gammachuu, dhiphinaa fi bal'ina, haala siyaasaa, sadarkaa jireenya, hawaasaafi kkf agarsiisuun rakkoo jiru kan furuu, karaa saaquufi muuxannoo gaarii akka hawaasni wal irraa baratuuf kan tajaajiluudha. asoosamni akkuma walaloo fi kanneen biroo caaculee adda addaa fi malleen dubbii kan of keessaa qabuudha.

2.6. Gosoota Asoosamaa

Asoosamni gosoota gurguddoo lamatti qoodamu.Isaanis asoosama gabaabaa fi asoosama dheeraa dha Misgaanuu (2012).kana malees kan sadiitti qoodanis ni jiru.isaanis asoosama dheeraa, asoosama giddu galeessaa fi gabaabaa jechuunidha.

Asoosamni dameelee og-barruu keessaa isa tokkodha. Asafaa (2009) fi Birhanu (2012) yoo ibsan ‘’jechi og-barruu jedhu Afaan Ingiliziin ’Literature’ jedhu irraa hiikamee gara Afaan Oromootti jijjiirame.maddi jecha kanaa Afaan Laatinii (Litra) jedhu irraa kan dhufe yommuu ta’u,harfii qubee(Alphabet letters) jechuu ta’ee, ’oguma barreeffamaa’ jechuutti hiikama‘’jedhu.

Yaadota olii irratti hundaa’uun Fedhasaan (2019) yoo waa’ee hiika afaan faranjii irraa gara afaan oromootti hiikamee yoo ibsu:

> *Afaan oromootiin jecha ‘og-barruu’jedhu kallattiin og-barruu barreeffamaa jechuun hiikna taanaan afoola/aartii jecha jedhutu dagatama.silumayyuu jechichi jecha lama kan oguma fi barreeffama jedhu walitti camaduun jecha ’literature’jedhu sana akka bakka bu’uutti ‘og-barruu’jedhame.ta’us jechi Afaan Oromootiin og-barruu jedhame kun haala kan faranjiitiin bakka bu’uu hin danda’u.*

Yaadota olii kana irraa kan hubannu ka’umsi jecha og-barruu ykn dhufteen jecha kanaa afaan biraa irraa kan uumame yoo ta’u, kallattiidhaan jecha kana hiika isaa afaan oromoo keessatti kan fayyadamnu yoo ta’e, afoola Oromoo gara kan hormaatti luuccessuu irra darbee, kan oromoon afaaniin dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfachaa ture afoola isaa kan dhabamsiisuudha.kanaafuu jecha afaan ingiliziin literature jedhu hiikni isa hin gitne afaan oromoon akka hin jirre irraa hubanna. kanaafuu hiikni isa gitu akka waalteffamuu qabu,yoo akkas hin ta’in jechi afoola jedhu qarqara badiisaa irra akka jiru nu hubachiisa.

Uummanni oromoo osoo og-barruu barreeffamaatti hin dhufin dura duraan dureessa afoolaa ture.garuu dhiibbaa afaanii kara sirnoota darbaniin irra ga’aa tureen,aadaa fi seenaa isaa akka hin barreeffanneef dhiibbaa irratti godhameen hacuucamaa tureera.asafaan (2009) yaada kana yoo ibsu ‘’hawaasni afaan isaatiin yoo dubbachuu,barreessuu,dubbisuu,qorachuu,walumaa gala ittiin hojjechuu yoo hin dandeenye,aadaa illee hin qabaatu...dhiibbaa jaarraa tokkoof oromoo irra tureen afaan oromoo barachuun,barreessuun, qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hin turre’’jechuun dhiibbaa afaan oromoo irra ga’aa ture ibseera.garuu afaan oromoo dhiibbaa kana hunda dandammatee harra og-barruu adda addaa kan akka: Galmee jechootaa,kitaabilee barnootaa, qorannoowwan adda addaa,afoolawwan afoolawwan adda addaa walitti qabuun maxxansuun afaan og-barruu horate ta’uu danda’eera. og-barruuwwan barreeffamaan jiran hedduu keessaa asoosamni isa tokko. asoosamni afaan oromoon barreeffamanis hedduutu

jiru.isaanis kanneen akka Suura Abdii, Dirmammuu, Kuusaa Gadoo, Godaannisa, hawwii, Miila hin shokoksinee gurraacha abbayyaa fi kkf hedduutu jiru.

2.6.1. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa keessaa tokko ta'ee, kan qabiyyeedhaan asoosama dheeraa fi giddu galeessaan gadi ta'ee gosa asoosamaati.Innis yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee xumuramuu kan danda'uudha.Encyclopedia (v.17:434) yoo ibsu"short story is a work offiction that is shorter than a novel or novelette. Most can be read at one setting""Jedha.Asoosamni gabaabaan seeneffama walakkaa sa'atii irraa hanga sa'aatii tokkoo yooguddatemmoo hanga sa'atii lamaa kan fudhatudha. Melkneh (1999:27) yoo ibsu"....short story is a prose narrative requiring any hing from half an hour to one or twohours in its pursual" jedha.kana malees Wasanee (2008). "Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa ta'ee daqiiqaa(30)hanga sa'atii (2:00)tti dubbifamee kan dhumuudha"jedha.Haaluma walfakkatuun Misgaanuu (2012:8)yaada kana yoo ibsu,''asoosamni gabaababaan daqiiqaa soddomaa hanga sa'atii lamaatti dubbifamee kan xumuramuudha.Kunis kan bifa hololoon barreeffamu,tokkummaa cimaa irratti kan hundaa'e jechoota kuma kudhanii gadi ta'aniin barreeffamee kaayyoo bu'uuraa tokkorra gahuuf kan qopha'u, asoosama gabaabaadha''jedha.Yaada hayyoota olii kanarraa kan hubannu,turtii asoosamni tokko dubbifamee xumuramuu danda'u warri sadanii kan nuuf ibsan yoo ta'u misgaanuu wanti adda godhu turtii isaa fi jechoota murtaa'oo akkamii akka isaan of keessatti qabatan waliin kan nuuf ibsaniidha. yaada isaanii irraa waa'ee asoosama gabaabaa yoo hubannu asoosamni gabaabaan yeroo gabaabaa gidduutti dubbistoonni osoo hin nuffin dubbisanii xumuruu akka danda'aniidha.haa ta'u malee Amaloota fi caacculee isaatiin asoosamadheeraafi giddu galeessa waliin tokkuma. Asoosamni kun yeroo baay'ee yoomessatokko irratti xiyyeeffachuun qophaa'a. nam-fakkiiwwwan achi keessatti argaman illee baayina kan hin qabneedha.

2.6.2. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan damee og-barruu keessaa tokko ta'ee,haala jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo qabatamaan kan dhiheessuudha.Asoosamni kunis ammayyummaa kan qabuu fi kalaqa seeneeffama dheeraa sammuu barreessaatiin uumamee bifa hololootiin kan qophaa'udha.Yaada kana Wasanee (2008)yoo ibsu, ''asoosamni dheeraan gosa og-barruu ta'ee seeneeffama dheeraa sammuu barreessaatiin kalaqamee bifa hololootiin qophaa'udha''jedha.Yaaduma kana kan

fakkaatu Melakneh (1999:45)irraattiasoosama dheeraa yoo ibsu"Novel in matters of literature is a fictions history of aseries of surprising and entertaining events in common life....."jechuun ibseera. Yaad-rimeen hayyuu kanaa asoosmni dheeraa gooroo hojii ogbarruu hololoon seeneffamuta'ee taateen jireenya namootaa kan ittiin mul'ifamu, kan nama bashaannansiisu fi dinqisiisu, kan nama barsiisu ta'uu isaanii nu hubachiisa. Hojiin kun ogbarruu keessattibal'aa wal xaxaadhAsoosamni dheeraatiin waa'een jiruufi haallijireenya ilmaan namootaa kan ittiin ibsamudha. Hiikkaa asoosama dheeraa hayyoonniadda addaa yeroo garaagaraa keessatti barreessaniiru. Isaan keessaas muraasniisaanii akkaataa itti aanutti kan ibsamanidha. Word Book Encyclopedia (v.17:572) yooibsu "Novel is along fiction story written in prose. It is one of the most popular forms ofliterature ....many novels in courage the reader to think about moral social orphilosophical problems "jedha. Hojii og-barruu keessatti hunda caala beekama.Haala jireenya hawaasa tokkoo yoomessa isaa wajjiin addeesseemul'isa jechuudha.

Gosootni asoosama kanaa baay'een isaanii dubbistoonni rakkoowwaniifi dhimmootawaa'ee hamilee, hawaasummaa, xiinsammuufi kan kana fakkaatan gadi fageenyaanakka hubatan taasisudha.Innis waa'ee namootaa guyyaa guyyaatti mul'atanii waan ibsuuf, haalli dhiheenya isaas kan namoota lubbuun jiraniin wal-fakkaachuu fi gochaalee asoosamaa keessatti raawwataman dhugummaan waan raawwataman fakkaatu. Gochi raawwatamee fi bakki itti jireenya isaanii keessatti beekamuu fi dubbistoonni waan gochaan keessatti hirmaatan fakkata jedha.Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu,asoosamni dheeraan jireenya dhalli namaa jalqabaa hanga dhumaatti keessa darbuun dhugaa fakkaatee kan dhihaatuudha.kana malees asoosamni dheeraan seenaa yeroo gabaabaa osoo hin taane seenaa waggoota dheeraa fi turtii hedduu fudhatu ta'uu danda'a.kana jechuun nam-fakkiin tokko ijoollummaa isaa irraa kaasee hamma yeroo dargaggummaa isaa fi fuudhee illee ijoollee horachuu danda'uutti ykn jireenya gaarii tokko jiraatuutti kan seeneffamuudha.kana jechuun umuriin nama tokkoo hanga waggaa 20 fi isaa olii ta'uu mala.asoosamoonni dheeraa kan akka ichima jaalalaa,godaannisa,dirmammu fi kkfdha

2.6.3. Asoosama Giddu Galeessaa

Asoosamni giddu galeessi immoo asoosama gabaabaa irra kan dheeratudha. Garuuasoosama dheeraan gadi kan ta'e amaloota, caacculeefi akkaataan ijaarsa isaa kanumaasoosama gabaabaaa fi dheeraan wal-fakkaatuudha. Word Book Encyclopedia (v.22:650) yoo ibsu" Novelette is a

short work offiction that usually consernes around a single in cident. Because of its shorter lengththe characters and situations are fewer and less complicated than those of a noveljedha. Kana jechuun asoosamni giddu galeessii hojii gabaabaa asoosamaa ta'ee yerooheedduu dhimma taatee(ta'iinsa) qeenxee tokko irratti kan xiyyeeffatuudha. Sababiigabaabina isaatiin nam-fakkoonni asoosama kanaa hamma asoosama dheeraa hinbaay'atan. Haalli ijaarrama isaas hamma asoosama dheeraa wal xaxoo miti.garuu asoosama gabaabaan olidha.

2.7 Caacculee asoosamaa

Caacculeen asoosama tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humnaan cimaa fi tokkummaa qabaatu kan taasisuudha. Caacculeen asoosamaa kunis:- seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, ergaa, ija, yoomessa fi fayyadama afaaniiti.Qorannoon kun caacculee asoosamaa kanneen keessaa waldiddaarratti xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha.

2.7.1. Jaargocha (Plot)

Haala seenaan sun itti qinda'e, miidhagina seenichaaf kenne beekun barbaachisaadha. Seenaan sun miidhage jechuun kan danda'amu haala qindoomina issatiin. Jaargochii qindoomina ta'umsoota walqabate yoo ta'u kunis salpha ykn walxaxaa ta'u danda'u.Jaargochi dhiyeenya tartiiba qabu daandii seenaa hojii ogbarruu tokkooti.

Jaargochi qindoomina raawwii haala tartiibaa yeroo qabuun dhiyaatudha. Kunis seensa walxaxiinsa waliinjiru, waldiddaa dhiphisaa deemuun fixee ga'ee carraa namfakkii kootamaa tokko agarsiisun furmaata kennuun kan xumuruudha.

Jaargochii waldiddaa humnoota lama jedduutti jiru adeemsifamuurraa madda.Waldiddaan kunis calqaba ka'uun sadarka olaanaattii guddacha deemeeti dhumarratti waldiddichii furmaata argata. Haallii kunis haala armaan gaditiin dhiyaateera.Jaargocha haala Pilaatoon ka'uun yoo ilaallu sadarkaa 5 qaba. Aristootil garu jaargocha iddo saditi ;seensa, walakkaafi xumura jechuun qofa qoode ture.Sadarkaan shanan jaargochaa Pilaatoon dhiyaatanis haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

A. Ibsa (Exposition):

Kun seensa seenichaaa yoo ta'u barreessaan seenduubee ykn odeeffannoo qooddatootaa marsaatiif ibsa kenna.Kanamalees haala waldiddaan uummamuu danda'uun ibsa. Bakka kanatti iddoo qoddattootni eenyummaa isaan itti barru, amala isaanii, gochaafi rawwii isaanii faana akka

walbarruuf kan taasifamuudha. Namfakkiin sun nama akkamii akka tahe, jireenya akkamii akka hawwu, amma immoo jireenya akkamii keessa akka inni jiraatu tilmaamuu ni dandaeenya. Gama biroon immoo ilaalcha namfakkiin sun qabuufi qabdu, jireenya akkamii akka isheen obsaa jiraachisaa jirtu tilmaamuun ni danda'ama. Ka'umsa kana keessatti obsaafi haati buddeenaa isaa walitti dhufeenya akkamii akka isaan qaban ni tilmaamna.

B. Olka'iinsa (Rising of Action)

Hirmaattootni seenaa ka'umsa keessatti walbaraa dhufan fedhii, amala, kayyoo, taateewwan hawaasaa keessatti beekamaa tahan fudhachuu, fudhachuu dhabuu yookiin gochaa garaagara qabaachuun wanta yaadan sana galmaan gahachuuf ni carraaqu. Kana keessatti galma geessiftootni seenaa sun yaadan waldhabaa walitti bu'insi isaanii jabaachaa adeema. Ta'uumsota tartiibaan dhiyaatan keessatti ta'uumsi tokko kan biroo uumuun waldiddaa olkaasa. Iddoo kanaatti dubbiin dubbii dhalaa deemuun seenaan babaallata.Haala kanaan ta'umsoonni olka'a deemee fiixeerra ga'a.

C. Guutmiira /Bantii/ (Climax):

Sadarkaa kanatti yerootti seenaan asoosamichaa seeneffama keessatti iddoon kun iddoo olaana ta'e yeroo subseenichi sadarkaa olaanaa ga'ee,waldiddaan jirus guddate furmaataaf karaa akka akka banamu taasisa.

Iddoo kanatti waanta nuti arginu seenaan barreessaan barreesse as gahe kuni sadarkaa sadarkaadhaan guddachaa guddachaa deemuun yommuu inni fiixeerra gahutu mul'ata.kana malees walitti bu'iinsi namfakkiilee gidduutti ture sun haalaan dabalaa dhufee bakkatti garmalee olka'ee argamuudha. Bakka kanatti walitti bu'iinsi yookiin seenaan asoosasamichaa garmalee olbahee kan mul'atuufi bakka seenichaaf murteessaa ta'edha. Iddootti waan hundumtuu goobanee olka'ee haalaan mul'atudha.

D.Gad-Bu'iinsa /Laafaa Dhufuu Dubbii/ (Falling of Action/:

Qindoomina jaargochaa kana keessatti waldiddaan uummamee dhiphinaa keessa galee hirrachaa deemuun ta'uumsoota jiran ibsa gara furmaatatti iddoo itti deemuudha.

Seenaan asoosamichaa inni jalqabaa kaasee haalaan guddachaa guddachaa deemaa dhufee guutmiira irra gahuun booda immoo gara qabbanaa'aa qabbanaa'aa deema. Taateewwan

walmuddaa turanis gara furmaata argachuutti kan deemanidha. seenawwaan asoosamicha keessatti argamanis kanaan booda dabalaa dabalaa kan deeman osoo hin taane hunduu suuta suuta hir'achaa deema.

E. Furmaata (Resolution)

Sadarkaa kanatti waldiddaan jiru furmaata argate yeroo dhuma seenichaatti deemuudha. Waldiddaa jaar-gochichaatiifis furmaanni ni kennama. Goolabni (Conclusion) ammoo addaan gala gabayaa galgalaati.

Iddoo kanatti nam-fakkiin olaanaa asoosamichaa kan ta'e obsaa bay'ee itti dhiphatuufi tureefi lubbuun isaa kan wareegamaaf kennaa ture keessaa bahuun gara jireenya aaragalfii yookiin boqonnaa qabuutti itti cehuun furmaata gama tokkoon argatuudha.

Haala kanaanis waldhabdeen asoosamicha keessatti haalaan finiinaa dhufe suuta suuta jechuun yommuutti furmaata argachaa deemu argina.Seenaa asoosamichaa keessaatti ijoon guddaan ykn goobaan galeessi bakka itti dhiphatuudha.

2.7.2.Nam-fakkii (Character)

Namfakkiin nama, bineensota, beelladoota, wantoota ykn humnoota hojii kalaqaa keessatti nama bakka bu'anii hojii dhalli namaa hojjatu raawwatan. Gama biraatiin namfakkoonni abbaa seenaa akkuma ta'uu isaaniitti yeroo baay'ee namoota yoo ta'an, bineensotaafi wantoonni biroo akka hammatanis hubachuu qabna. "character is a person or animal who takes part in the action of a literary work). "The people in novels are referred to as characters. Zerihun, (1992)

> *Namfakkoonni addunyaa asoosamaa keessatti foon uffatanii, amala ilma namaa gonfatanii, waan ittiin waamaman ykn gahee kennameefi bakki jireenyaa qophaa'eefi afuura kan baafatan, kan dubbatan, kan nyaataniifi dhugan, akka namoota addunyaa dhugaa kan jiraataniifi du'an, kan beela'aniifi dheebotan, kan wal jaalataniifi wal jibban, kan gammadaniifi gaddan, namoota addunyaa asoosamaa sammuu barreessaatiin kalaqamaniiti jedha. Namfakkoonni bakkaafi bara asoosamichi barreeffame keessaa waan maddaniif bakka bu'oota bara sanaafi iddoo sanaa ta'anii aadaa, ilaalcha, yaada, jiruufi jireenya bara sanaa calaqqisiisu.*

Namfakkiileen qaamota seenaa asoosama sanaa ofitti fudhachuun gochoota raawwataniidha. Namfakkiin hojii kalaqaa keessatti;-kan Seenaa sochoosu, Kan gochoota raawwatuu fi

Gochoonni irratti raawwatamaniidha. Ijaarsa kalaqaa keessatti barreessaan namoota lubbuu qaban fakkeessuunuumuun nam-fakkeessuudha.Namfakkiileen jalqabbii seenaa asoosamichaatii kaasee hanga xumura seenichaatti mul'atan nam-fakkii guddaa jedhamu. (Major Character) (Protagonist) Nam-fakkiileen yaada namfakkii guddaa faallessanimmoo namfakkiilee masaanuu (antagonist) jedhamu.Namfakkiileen seenaafi yaada asoosamichaa babal'isuuf bakka addaa addaatti mul'atanii badan immoo nam-fakkiilee xixiqqoo jedhamu. (Minor character) Namfakkiileen dandeettii cimina kalaqa yaada sammuu barreessatiin kan uumaman yommuu ta'u, yoommuu dubbistootan wal baran bifa lamaan dhihaachuu danda'u.

1. **Kallattidhaan:**Malli kun kan barreessaan nuffii tokko malee waa'ee namfakkiilee sanneenii irra deddeebi'uudhaan himuudha.Fkn: bifa, amala, mudaa, ilaalchaafi yaada namfakkilee

2 Aal-kallattiidhaan: Kunimmoo, gocha namfakkiileen seenicha keessatti raawwataniin, dhiibbaa nam-fakkilee biroorraan gahaniin, haala nam-fakkiilleen biroo waa'ee isaanii dubbataniin, fedhii namfakkiileen sun qabaniin beeksisuudha.

2.7.2.1 Namfakkii Uumuu

Barreessitoonni yommuu nam-fakkii uuman dura itti yaadaniifi xiinxalaniiti.Yeroo baay'ee maqaan nam-fakkiilee gurguddoo ergaa asoosamaatiin hariiroo qabaatu.Yookan moggaasni maqaa nam-fakkiileef kennamu gochasaaniin hariiroo qabaata.Amala, cimina, yaada, abdii, bifa miidhaginaa fi maalummaan nam-fakkiilee maggaasa maqaasaaniin mul'ata.Namfakkiileen haala namoota dhugaa beeknuun fakkeeffamanii uumamu.Nam-fakkiileen seenaa asoosamaa raawwatanii fi seenessan dirqama nama ta'uu hin qaban.Waantonniifi uumamni addaa addaa nam-fakkii ta'uun seenaa asoosamaa keessatti qooda fudhachuu danda'u. Fknf Beeyladootatu qooda fudhata.Iddoo tokko tokkotti immoo Bineensotaafi biqilootatu qooda fudhata.Haa ta'u malee, seenaa raawwatamukeessatti amala namummaa uffatanii gocha dhala namaa raawwachuun fedhii dubbistootaa kakaasu,

2.7.2.2. Akaakuu Nam-fakkii

Hojii Asoosamaa keessati namfakkiiwwan akaakuu garaagaraa qabu. Qooda seenaa asoosamichaa keessatti qabaniin: Namfakkii gurguddaa (Major Character) fi Namfakkii Xixiqqaa (Minor character) jedhamuun beekamu

A. Nam-fakkii gurguddaa

Namfakkiin gurguddaa jalqabaa hanga dhuma seenaa asoosamichaatti qooda olaanaa qaba.akkasumas nam-fakkii biroo caalaa hubataadha, Nam-fakkiin kun kaayyoosaaf gufuu kamiinuu hin daangeffamu.Namfakkiin kun al-tokko tokko hundaa ol ta'ee dhihaachuu danda'a.

B. Nam-fakkii Masaanuu(Antagonist)

Nam-fakkiin masaanuu iddoo barbaachisaa ta'e qofatti gahee mataasaa taphachuuf faallaa namfakkii muummee ta'ee socho'a.Namfakkiin masaanuu humna seenaa asoosamaa tokko keessatti faayidaa, adeemsa ykn gocha qooddataa kootamaa mormuu hirmaatu.

C. Nam-fakkii xixiqqoo

Gosti namfakkii kanaa galma gahiinsa senichaa keessaatti qooda mataa isaanii kan qabanidha. Namfakkiin kuni akka namfakkii kootamaa (olaanaa) seenaan suni isaa irratti xiyyeeffate barreeffama osoo hin taane yookiin ammo akka namfakkii masaanuu faalla tahanii kan argamani osoo hintaanenamfakkii kootamaas tahe namfakkii masaanuu deeggaruun seenicha gara fuulduraatti adeemsisuuf kan yaalanidha.

2.7.2.2.1 Akaakuu Nam-fakkii Amalaan (Behavioral Characterization)

A. Namfakkii Jijjiiramaa/Marsaa (Dynamic/Round Character)

Namfakkiin jijjiiramaan qooddataa hirmmaannaa jalqabaa hanga dhumaa keessatti jijjiirama qaamaa, qalbii, hawaasummaa, xiinsammuu, dinagdee, haalaa, amalaa fi kkf agarsiisu yommuu ta'u, hiriyaa goobaan galeessaa ta'uu danda'a.Namfakkiin jijjiiramaan namfakkii marsaati. Namfakkii marsaan kanneen kallattii garagaraatiin kalaqaman, amala hedduufi xaxamaa qabaachuutiin kan beekamani. Namfakkiin amala wal-xaxaa ta'ee fi wantoota jijjiirama adda addaa kan agarsiisan. Namfakkiin marsaa yeroo hunda haala wal fakkaatuun kan adeeman osoo hin ta'in jireenya isaanii keessatti kanneen jijjirama garaagaraa fidaniidha.

Amala Namfakkii Marsaa

Jireenyisaa kallattii adda addaan kan kalaqame tahee amala walxaxaa kan qabuudha.Bu'aa ba'ii jireenya walxaxaa ta'een kalaqamanii kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf kan tattaafatanidha.Rakkina hedduu kan kessummeessanidha.haala salphaa taheen eenyummaa fi amala isaanii beekuun kan hin danda'amneedhas.Akka fixeensaa ganama mul'atanii guyyaa kan badan osoo hin taane boqonnawwan asoosamichaa keessatti deddeebi'anii kan mul'atanidha.

Seenaan rawwatamu irra jireessi isaa namfakkoota kanaan rawwatama.Namfakkiin kunneen nam-fakkii olaanaa tahuu danda'a.Namfakkiin olaanas marsaa tahee argamuu danda'a.

B. Nam-fakkiin Diriiraa (Flat Character)

Akkuma mul'ataniin salphaatti amallii fi fedhiin isaanii maal akka ta'e adda baasamu. Waan murtaa'e tokko qofa deddebi'anii hojjetu.Seenaa asoosamichaa keessatti gochoota garaagaraa keessa seenuuun jijjiirama hinagarsiisan.nam-fakkii diriiraan amaloota garaa graa qabu.isaanis;-Eenyummaa fi malummaan isaanii mala salphaan beekama,Amala murtaa'aa irra deddebi'amee yaadatamu tokko qaba,Haalaa fi ta'iinsa garaagaraa keessatti hin jijjiiramuu,Jireenyi isaa walxaxaa kan hin taane yeroo baay'ee ergaa beekamaa qeenxee yookiin lama qabaatee argama,Irra caalaan nam-fakkii olaanaa ibsuuf kan kalaqamanidha

2.7.3. Waldiddaa (Conflict)

Caaccuuwwan miseensota asoosama dhangala'aa fi diraamaa keessatti mul'atu keessaa isa tokkoo fi baay'ee barbaachisaadha.wai-dhabbiin kunis wal-dhabbii keessaa fi alaa jedhama.walmormiiwwaan qamoota lama jidduutti dhimmootagaraagaraarratti taasifamudhaa.kana malees Qabsoo humnootafaallaa ta'an lama gidduutti adeemsifamuudha.Walitti bu'iinsa gochootaa, yaadaa fi fedhii nam-fakkiiwwanii gidduutti uumamudha.humnoonni inni lamaan gidduutti taasifamu Asoosama tokko keessatti;-wal-dhabbiin alaa qooddattootaaf qooddattoota gidduutti (Physical Confilct), qooddataa fi hawaasa gidduuttii (Ethical conflict),qooddataa fi uumaa gidduutti uumamuu danda'a.wal-dhabbiin keessaa immoo kan namni ofiin wal-lolu ykn xiin-sammuu jedhama. (Fedhasaa, 2013:78)

> *Wal dhabbiin asoosama tokko gara duraatti akka yaadni isaa akka tarkaanfatuuf ga'ee guddaa kan qabuudha.hawaasni waliin oolee bulu jiruuf jireenya isaa keessatti guyyaa guyyaadhaan dhimma hojiif ta'ee kan biraaf Wal dhabbiin ni uumama.akkuma kana asoosamni immoo galagasha jiruuf jireenya dhala namaa, kan seenaa dhugaa irratti hundaa'ee barreeffamu waan ta'eef akkuma hawaasni walitti bu'aa oolu asoosama keessattis walitti bu'iinsi ykn Wal dhabbiin guyyaa guyyaatti kan uumamaa ooluudha.kanaafuu wal-dhabbiin asoosamaaf lafee dugdaa(back bone) jechuun ni danda'ama.*

Yaada olii irraa kan hubannu wal-dhabbiin asoosama tokkoo akka asoosamnichi fuul-duratti deemuuf kan tajaajiluudha.akkuma hawaasni guyyaa guyyaatti walitti bu'aa jiraatu asoosama keessattis walitti bu'iinsi akka jiru kan irraa hubannuudha.kana malees namoonni hojii isaanii geggeeffachuuf jecha osoo itti hin yaadin walitti kan bu'an yoo ta'u,jiruuf jireenya injifachuuf

jechaa kan isaan taasisan ykn kan isaan of jiraachisuuf hojjetaniidha.akkuma kana asoosamni immoo gara fuula duraatti sochii geessisuuf wal-dhabbiin akka dubbistoonni sun addunyaa dhugaa keessa seenanii dubbisnii fi maaltu ta’a fuul-duratti jedhanii hawwiin kan isaan eegaa dubbisaniidha

2.8. Hariiroo Afoolaa fi Og-barruu Barreeffamaa

Og-barruun jechoota miidhagina gonfataniin dhiyaachuun kan jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo afaanii fi barreeffamaan kan calaqqisiisu ta'uusaa Warquun (2002:5) Chaad Wiiksi (1940) wabeeffachuun ibserraa ni hubatama. Kana jechuun, kan jechoota miidhagina gonfatanii afaaniin daddarban afoola yoo ta'u, kan barreeffamaan dhiyaatan immoo, ogbarruu barreeffamaa ta'uu ibsa. Asoosamni sanyii og-barruu barreeffamaa ta'uusaa armaan olitti ilaallee jirra. Kanaafuu, Afoolas ta'ee asoosamni sanyii og-barruuti jechuun ni danda'ama. Afoolli umurii dheeraa qabaatee jiruu fi jireenya hawaasaa afaaniin ibsaa tureera.haa ta'u malee, ogbarruun barreeffamaa erga ilmi namaa sirna barreeffamaa uumee itti fayyadamuu eegalee waan jalqabeef akka afoolaa jiruu fi jireenya hawaasaa ibsus, umuriin isaa dhiyoo ta'uusaa ni hubatama. Kanaafuu, afoolli og-barruu barreeffamaatiif bu'uura jechuun ni danda'ama. Hariiroo og-barruu barreeffamaa fi afoolaa ilaalchisee Warquun (2001:5) yoo ibsu, "Uumama og-barruuf buʻuurri afaan (language) malee barreeffama miti, walitti dhufeenyi og-barruu fi barreeffamaa waan akka tasaatti taʻeedha malee uumamaan miti" jedha.

2.8.1. Fayyadama Afoolaa Og-barruu Barreeffamaa Keessatti

Akkuma armaan dura kaasuuf yaalametti barreessitoonni og-barruu afoolota qabiyyeen isaanii kan hawaasa ta'an kanneenitti fayyadamuun yeroo barreessan ni mul'atu. Sababoota barreessitoonni afoolatti fayyadaman adda baasanii kaa'uun ulfaataa ta'uu fi lamaanuu ykn fookiloorii fi og-barruun baay'ee kan walitti siqan ta'uusaa Dundes dubbata. haa ta'u malee, hariiroo fookilooriifi og-barruu ilaalchisee Dundes (1965:37) yeroo ibsu, "Here we see no fewer than three problems arising from three different kinds of relationship. (1) folklore is, in many cultures, indistinguishable from literature; (2) literature contains elements borrowed from folklore; and (3) writers have imitated folklore″jechuundubbata. Yaanni Alen Dandus kun hariiroo og-barruu fi fookiloorii gidduu kan ittiin adda baasnu waan sadiin ala ta'uu akka hin dandeenye ibsuun, aadaa hawaasa kamiyyuu biratti fooklooriin og-barruurraa adda bahee

ilaalamuu dhabuusaa, og-barruun firiiwwan fookiloorii ergifachuusaafi barreessitoonni fookiloorii fakkeessuuf waan yaalaniif akka ta'e ibsa. Kanarratti wanti hubatamuu qabu afoolli gooroowwan fookiloorii arfan keessaa tokko waan ta'eef wanti fookilooriif ta'u hunduu afoolaafis ni raawwatama. Asoosamnimmoo, gosa ogbarruu barreeffamaati.Kanaafuu, bifuma afoolaaf hubatameen asoosamaafis hubatamuun barbaachisaadha. Garuu, hariiroo ogbarruun barreeffamaa fi afoola ykn fookiloorii gidduu jiru kun akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame asoosamni bifa miidhagina qabuun addunyaa uumamaa kana keessatti bu'aa ba'ii jiruu fi jireenya hawaasaa muuxannoo hawaasichaatti fayyadamuun bifa fudhatama argachuu danda'uun sadan bocee barreeffamaan waan dhiyeessuuf; afoolli ammoo, dhugaa hawaasaa kana qabatamaan waan ibsuuf barreessitoonni asoosamaa afoolatti akka fayyadaman nama hubachiisa.

2.8.2. Wal-fakkeenyaa fi Garaagarummaa Afoolaa fi Og-barruu Barreeffamaa

Afoolaa fi og-barruu barreeffamaa gargar baasuun ulfaataa ta'u iyyuu amaloota ittiin wal-fakkataaniifi addaan ba'an muraasni jiru. Hariiroo wal-fakkeenyaa fi addaan ba'iinsa afoolaa fi asoosamaa ilaalchisee odeeffannoon toora https://en.wikipedia.org/wiki/ argame yoo ibsu, lamaanuu yaada ykn seenaa dabarsuuf akka gargaaran, lamaanuu karaa itti dhaggeffataa ykn dubbisaa waliin yaada waljijjiran; akkasumas, lamaanuu kan seenaa hawaasa madda odeeffannoo godhatanii fayyadama ta'uu akka armaan gadiitti addeessa.

> *The relationship between oral tradition and written literature are both oral tradition and written literature can be used to convey or tell a story. Both are a form of communication in which the author or storyteller is trying to convey a message to the listener or reader. Both oral stories and written literature can also be manipulated from the people that receive the information".*

Hariiroon yaada armaan oliirraa hubatamuu kun tokkummaa afoolaa fi og-barruu barreeffamaa ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, afoolliifi asoosamni aadaa, seenaa, jiruufi jireenya hawaasaa ibsuun isaaniis wal isaan fakkeessa.Kana malees lamaan isaayyuu kalaqa sammuu ta'anii bifa miidhagina qabuun gaddaafi gammachuu hawaasaa ibsuurratti humna qabu. Gama birootiin ammoo, afoollii fi Og-barruun barreeffamaa kan itti addaan ba'an ilaalchisee odeeffannoon toora https://en.wikipedia.org/wiki/Oral_literature yeroo ibsu, "Oral literature or folk literature corresponds in the sphere of the spoken (oral) word to literature as literature operates in the domain of the written word". Yaadni kun afoolli afaaniin kan daddarbu ta'uusaa fi asoosamni ykn Og-barruun barreeffamaa, barreeffamaan kan daddarbu ta'uunsaa garaagarummaa gidduusaanii jiru mul'isa.

2.9. Xiinxala Barreeffamoota Wal-fakkaataanii

Akkuma beekamu afoolarratti qo'attoonni adda addaa karaa gara garaa qorannoo gaggeessaa turaniiru. Kanaaf, afoolli sanyiiwwan fookiloorii kaan caala dursaa fi ballinaan kan qoratameedha jedhamee dubbatama. Mataduree qorannoo kanaan walfakkaatanii qorannoowwan kanaan dura qoratamanii jiran hedduu ta'us muraasa isaanii keessaa yoo ilaallu tokko Nagaasaa Toleeraa (2015) "Xiinxala Afoolawwaniifi Hiikawwan Fakkoomii Sirna Gaa'ela Naqataa Aanaa Kiiramuu*"* mataduree jedhurratti hojjechuun kaayyoolee xinxala hiikaa afoolawwaniifi fakkoomii mallattoowwan sirna fuudhaafi heerumaa naqata Aanaa Kiiramuu beeksisuu jedhu keessaatti mala qorannoo akkamtaa fayyadamee gosoonni fuudhaafi heeruma Oromoo Kiiramuu saddeet jiraachuu ragaawwan madda jalqabaa ykn bu'uuraa argameen rageeffachuu, naqataan fuudhuun hawaasicha keessatti bakka olaanaa akka qabu; garuu, akka duriitti hojiirra oolaa akka hin jirreefi dhiibbaan aadaa hawaasichaarratti ta'aa tureen akka rakkoo keessa galee jiruu fii amantaa waaqeffannaa keessatti garuu ammas hojiirra jiraachuusaa ibsuun naqataan fuudhuu keessatti akkataa amantaa waldaaleetti mallattoowwan ykn milkiif hiikaan kennamu tokkummaa fi garaagarummaa qabaachuufi afoolawwan haala raawwii sirnichaa keessatti sadarkaa sadarkaan akka itti fayyadaman bira gahuu dandaheera. Abdii Waaqgaarii (2015) mataduree "*Qaaccessa Asoosamoota Tuulaa Cubbuu fi Ichima Jaalalaa Yaaxxina Bifiyyeen*"jedhu irratti kaayyoolee Caasaa ijaarsa asoosamoota lamaanii ibsuu, akkaataa barreessaan fakkaattota mul'atan ittiin dhiyeesse adda baasuu fi yoomessii fi gosti dubbii qolaa asoosamootafilatamanii maal akka ta'e addeessuu jedhu qabatee ulaagaa Og-barruun itti madaalamu kan bifiyyeetiin ciminootaafi hanqinoota jiran ibsuu danda'eera.Dabalaa abdallaa (2003) mata duree "*Xiinxa Afoolaa fi Seenaa Goota Shirii kubii*" jechuun kan xiinxale yommuudha. xiyyeeffannoon isaa afoolawwan gootni shirii kubii fayyadamee ture kan xiinxaluuudha.odeeffannoo isaa bifa af-gaaffiin nama irraa funaannatee kan hojjetedha.qorannoo qorataa kanaa waliin adda kan taasisu seenaa nama dhuunfaa irratti kan inni qorate yommuu ta'u boqonnaa afuritti qooduun dhiheessuu isaati. qorataan kun immoo boqonnaa shan ta'u malee, mata dureen Xiinxala Afoolota Kitaaba Sussuka adoolessaa Asoosama jedhu kana keessatti ammoo, asoosama keessatti akkaataa afoolonni itti fayyadamaman funaanuun kan xiinxalame waan ta'eef fuul-duraafis hariiroo afoolotaa fi asoosamootaa ykn ogbarruu barreeffamaa gidduu jiru bal'inaan ilaaluuf ykn qorachuunf karaa saaquu danda'a jedhamee amanama.

Taarikuu Bantii (2008) *xiinxala asoosamoota filatamanii* jechuun boqonnaa shanitti qoodee yoo dhiheessu,qorataa kana waliin kan wal fakkeessu baayina boqonnaa isaa fi xiyyeeffannoon isaanii qabiyyee afoola asoosamoota keessa jiraniiti.wanti adda addagodhu garuu qabiyyeedhaan qorataan kun asoosama tokko qofa irratti yoo xiyyeeffatu taarikuun asoosamoota afur irratti xiinxala kan geggeesseedha.asoosamoonni kunis,asoosama yaadanii,suura abdii,jala bultii fi imimmaan haadhaa yoo ta'u qorataan kun hanqinni isaa jechamoota irratti xiinxala hin geggeessine. garaagarummaan jiru kan biraan qorataan kun sadarkaa digirii jalqabaa guttachuuf kan hojjechaa jiru yoo ta'u,taarikuun sadarkaa MA ttidha.

BOQONNAA SADII

MALAA FI SAXAXA QORANNOO

Qorannoon kun gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo bu'uuraati. Kaayyoon ykn bu'uurri qorannichaas asoosamni sussuka Adoolessaa jedhu erga dubbisamee booda afoolota isaan keessatti argaman gadi fageenyaan xiinxaluun faayidaa isaan og-barruu barreeffamaa (asoosamoota) keessatti qaban hubachuun beekumsaa ykn odeeffanoo dabaluurratti waan hundaa'eef. Yaaduma kana Dasitaan (2002:16) yoo ibsu, "qorannoon bu'uuraa kan gaggeeffamu rakkoodhaaf furmaata barbaaduu osoo hin taane odeeffannoo dabalataa, yaadiddama (theory) haaraa uumuuf, gaaffiilee sammuu namaa keessa nanna'uuf deebii laachuufis nigaggeeffama" jedha.

3.1. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorataan qorannoo kanaa fayyadame madda raga lammataati.Innis kitaaba Asoosamaa Afaan Oromoon barreeffame irraatti afoolota barreessaan itti fayyadamee barreesseen kitaaba asoosamaa kana dubbisuun osoo barreessaa qaamaan hin dubbisin waan xiinxaluuf madda ragaa lammaataati jechuudha.

3.2. Mala Iddatteessuu

Yeroo ammaa kana kitaaboleen asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman heddummataanii jiru.Osoo asoosamoota afaan kanaan barreeffamanii jiran hunda irrattuu itti fayyadama afoolasaanii osoo xinxalamee gaariidha. haa ta'u malee, akkuma daangaa qorannichaa m keessatti tuqamuuf yaalametti humnaafi yeroo bal'aa waan barbaaduuf qorataan mala iddattoo carraatti fayyadamuun asoosamoota jiran keessaa *Sussuka Adoolessaa yoo* filatamu asoosama kana gorsaa waliin ta'uun kallattii biraan hojjatamuuf kan yaadamaa ture dhiisuun afoola irratti kan qorannoon biraa gorsaan kun gorsaa jiran keessa akka hin jirre adda baafamee irratti qorannoo geggeessuuf haal-duree mijeeffachaa jira qorataan kun. kanaafuu iddata carraatti fayyadamuun qorataan asoosama hedduu jiran keessaa asoosama Sussuka Adoolesssaa jedhu filateera.

3.3. Mala Funaansa Ragaalee/Odeeffannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf odeeffannoo funaanuun isa murteessaadha. Odeeffannoon kun ammoo, maloota ittiin funaanaman adda addaa qabu. Haaluma kanaan, qorataan qorannoo kanaa maloota funaansa odeeffannoo jiran keessaa mala sakatta'a ragaa ykn dokimeentii/kitaabaatti fayyadamee jira. Sababiin isaas, mata dureen qorannichaayyuu xiinxala afoolaa Asoosama Sussuka Adoolesssaa keessatti argaman waan jedhuuf kitaaba asoosamaa kanneen keessatti afoolota jiran fuunaanuun xinxalamee ibsa irratti kennuun kan rawwatameedha. Dasitaan (2002:101) yaada kana deeggarun yoo ibsu,

> *Barreeffamoonni adda addaa akka odeeffannoo qorannootiitti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabaa, xalayootaa, gaazexaa, barruulee adda addaa, waraqaa raga, nagahee, ajandaa qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoo fi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u. Dookimentoonni kunniin mana kitaabaa ykn namoota harkatti argamuu danda'u.* jedha.

Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu, kitaaboleen adda addaas akka meeshaa ykn madda odeeffannootti nama gargaaruusaati. Kanaafuu, qoratIchiis kitaabolee kanneenitti ykn madda raga lammataatti fayyadamuun qorannicha gaggeessee jira.

3.4. Tooftaalee /Adeemsa Qaaccessa Ragaalee

Tooftaa xiinxala ragaalee qorannoo kanaa keessatti qorataan fayyadame mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dookimentiitiin argaman kana ibsa irratti kennuun kan xinxalameedha. Kunis jalqaba odeeffannoo qorannoo kanaaf kallattiin barbaachisan kitaabuma asoosama Sussuka adoolesssaa dubbisuun adda baase. Kunis kan ta'eef, qorannoon kun irraa caalaa kan kallattiin ilaallatu kitaaba asoosamaa dhiyaate adda baasuun adeemsifamuuf waan dirqameefi. Sana booda, kitaaba sana keessaatti gosoota afoolota argaman adda baasuun kan raawwatamedha. Dhumarratti asoosama kana seenaa isaa gabaabinaan ibsuun afoolota funaanaman mata duree matadureen tartiibessuun qaacceefamee, ibsi irratti kennamaa waan deemeef tooftaa akkamtaan kan ragaaleen xiinxalamaniidha.

3.5. Mala Qindaa'inaa Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaan isa jalqabaa keessatti seensa, seenduuba, ka'umsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa/faayidaa qorannichaa, daangaa fi hanqina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa lamaffaa keessatti sakatta'a barruu yaada hayyoonni

afoolaa fi asoosama ilaalchisee ibsantu ibsamee,yaadni itti kennamee jira. Boqonnaa sadaffaa mala odeeffannoo funaanuu keessatti sakatta'iinsa dookimeentiin odeeffaanoo funaaname mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun qindeeffame.Sababni isaas kitaaba asoosamaa filatame kana keeessaa afoolota filataman lakkoofsaan osoo hintaane, jechaan ibsuurratti waan fayyadameef.Boqonnaa arfaffaa keessatti odeeffannoon qorannichaaf kitaaba asoosamaa keessaa afoolota funaanaman kanneen kitaabuma kana keessa jiran keessatti haalumaa argamaniin gosa gosaan walitti qabamuun gaggeeffame.Sana booddee, afoolota gosa gosaan funaanaman kanneen akkattuma walfakkaataniin bakka tokkotti walitti qabuun mata duree itti kennee mala akkamtaa fayyadamuun xiinxalamee boqonnaa shanaffaa ykn isa dhumaa keessatti cuunfaan, argannoofi yaboo isaaniirraa argame qindaa'ee dhiyaata.Dhumarratti, kitaabilee wabii akka odeeffannootti tajaajilantu kaa'amanii jiru.

BQONNAA AFUR

XIINXALA AFOOLAA KITAABA ASOOSAMAA SUSSUKA ADOOLESSAA

Boqonnaa kana keessatti kan argamu xiinxala afoolaa asoosama *sussuka adoolessaa* keessatti argamanii irratti xiyyeeffateeti.kitaabota kana keessatti afoolonni argaman: geerarsa, himiinsa, mammaaksa, jechamoota, sirba kadhannaa waaqaa, abaarsa, arrabsoo dhiiraa fi kkf dha.afoolli kun maaliif akka barbaachisuu fi eessatti akka barbaachisuu fi yoom akka barbaachisu xiinxaluudha.

4.1. Ibsa kitaabichaa

Kitaabni *Sussuka Adoolessaa* jedhamu kun bara 2005 Malkaamuu Taarikuutiin barreeffame. manni maxxansaa isaa immoo ELLENI P.P.PLC tti kan maxxanfameedha. kitaabni kun walumaa gala fuula 158 kan qabuudha.Caacculee asoosamni tokko qabuun immoo kan badhaadheedha.fknf kanneen akka wal diddaa,nam fakkii,jaargochaa,sabseenaa fi kan kana fakkaatan of keessaa kan qabuudha.Akkasumas Afoolawwan gosa adda addaa kan of keessaa qabuudha.fakkiin qola isaa irraa harka abaaboo wayii qabatee jirutu irraa mullata.qolli dhumaa immoo galata namoota yaada kitaabicha irratti laataniiftu jira.bifti qola kitaabichaa furaaf duubni isaa diimaa fi keellootu wal makee jira.mata duree kitaabichaa waliinis hedduu kan walsimatuudha.seenaa kitaabichaa yoo gabaabaatti ilaallu gurbaa nimoonaa jedhamutu jira.innis kan dhalate Godina Wallagga Lixaa Aanaa Noolee Kaabbaattidha.innis maatii iyyeessarraati kan dhalate. Nimoonaan nama amala waa gaafachuu ykn seenaa durii qorachuu sirriitti qaba. akkasuma illee nama barnootaan cimaadha.Barnoota isaa yeroo kutaa 12 Compresive Gimbii jirutti nama maqaanshee Loomii jedhamtu kan mana kiraayii maatii isaanirraa fuudhee baratu jaallate.loomiinis hedduu jaallatte.osoo kanaan jiranii guyyaa tokko osoo isaan wal dhungatanii haati loomii argite.yeroo argitettis mataa nimoonaa uleedhaan rukuttee gaggabsite.yeroon kunis adoolessa 17 ture.Inni immoo yeroo kanatti yeroo inni qormaata xumuree yuunversiitii deemuuf jedhutti ture.kanuma sababa godhachuun haati loomii loomii biyyaa baste.Loomiin yoo nimoonaan dhufu itti naaf kenni jettee xalayaa barreessiteefii isa dhiisuu akka hin dandeenye waadaa galteefii sokkite.gara eessuma ishee finfinnee jiru bira turuudhaan sana booda akka biyya hambaa deemtus itti himte.Nimoonaan kanarraa ka’ee waadaa loomii eeguu eegale.teroo gara yuuniversiitii isa ga’e gara Yuuniversiitii Finfinnee deemuuf jedhetti buufata konkolaataa Gimbiitti mucaa daree isaa Siddisee kan jedhamtu waliin wal-baran. Siddiseen Nimoonaa

jaallattee haalota adda addaa mijeessite.haa ta'u malee Nimoonaan sababa loomiif amanamuuf jecha Siddisee waliin walii galuu hin dandeenye.Siddiseenis akka inni dhiira hin ta'initti arrabsaa turte.kanumaan Nimoonaan Yuunversiitii Finfinneetti tuqaa guddaa fiduudhaan namoota carraa biyya alaatti barachuu bara sana argatan keessaa tokko Nimoonaa ture.biyyichis Washing ton Dc ture.haaluma kanaan gaafa eebba isaa meedaliyaa badhaafamee eebbifame.kana malees guyyaa kanatti jaalalleen isaa loomiin biyya alaatii waan isa barbaachisuu fi maatiin isaa itti fayyadaman galii guddaa ergiteef.Washing Ton Dc jiraatti isheenis.erga biyya hambaa deemees washing ton dc tti adoolessa gaafa 17 cidha isaanii geggeeffatan.

4.2 GEERARSA

Geerarsi oromoo biratti baay'ee beekamaadha.dilbii afoolaa oromoon ka'atee darbe keessaa inni tokko geerarsadha.geerarsi uummata oromoo biratti baay'ee kan beekamuu fi kan jaallatamuudha. geerarsi yeroo baay'ee uummata duratti kan geeraramuudha.kunis kan fayyadu uummata sana haala inni keessa jiru xuxxuqanii hubachiisuuf oola.kana malees namni tokko yoo duulee injifate,yoo bineensa jabaa ykn sodaatamaa ajjeesee fi kkf geeraruun ni danda'ama.kana yoo jennu geerarsi kan waloo ta'uu isaa nu hubachiisa.akkuma kana dhuunfaan illee ni geerarama.dhuunfaan kan geeraramu kun akkuma namni tokko qofaa isaa yeroo ta'u guungumu,akkuma sana rakkoo isaa ittiin ibsachuufis ta'ee,dadhabbii itti mukuu ba'uuf kan geeraramuudha.namni geeraru sun nama tokko ta'uu mala.innis geeraraa jedhama.walumaa galatti afoolli, gadda, gammachuu, cooka, dhaadannoo, eenyummaa, hawwii ykn fedhii, komii, quuqqaa, kan ittiin ibsataniidha.

Mee haaluma kanaan geeraraan quuqqaa garaa isaa keessa jiru yoo ibsatu Malkaamuu Taarikuu, (21)

ilaameetti *yaa hiriye,hiriyee kafana koo*
Hiriyee miidhaga koo
Yoon kufeef gaachana koo
Yoon kufeef gaachana koo
Ishoo
Bitannaan raadiyoodha
Kan mukuu itti ba'anii
Qabsoofnaan yeroo ammaa

Kan ittiin bilisoomanii*2

Geerarsa olii irraa kan hubannu yoomessi isaa kan yeroo sana yoo qabsa'an bilisoomuu danda'aniidha.barbaachisummaan geerarsa kanaa yeroon keessa jiran sun yeroo qabsoof mijataa akka ta'ee fi yoo qabsa'am nilisummaan itti argamuu danda'u kan ittiin wal-hubachiisaniidha.geeraraan kunis hiriyoota isaatiin kan jedhu yoo ta'u jalqabatti waan sammuu isaanii hawwatuu fi hiriyummaan isaanii maal akka ta'e erga itti himee booda akka isaan kaka'umsa argataniif kan isaan jajjabeessuudha ykn onnachiisuudha geerarsi kun.

Malkaamuu Taarikuu, (13-14)

Anis qaba hadhaa hoo
Hadhaa qoma jalaa
Gadi baasee sitti himuu hoo
Yoon maal siin jedhes siif gala?
Yoo garaan si dide
Dabaree naaf kenni
Dargaggeessichi akkas jedhe itti fufee
Hadhaa baay'eetan qabaam
Kan namatti hin himamneem
Kan firri naaf hin beekne
Kan furmaata hin qabne
Erga jettanii hin oolu
Ka'een irraa jijjigsa
Akka mataa bisingaa
Jedhi naan jettaniiree?
Jennaan waa hin jettaniiree?
Lammiin koo safuu qaba
Kanafaatu na guba
Kana addunyaanuu beeka
Yoo sarbame diinatti akeeka
*Yoo kufeef harka wal-qabaa*2*
Yoo dhiibameef harka wal qaba
Akka ilmoo dhabaa

Akkam fayyaa bultanii

Ooltee itti dabalanii

Iddoo bultii fiolii

Erga qoratanii

Gadi fageenyaan xiinxalanii

*Dhimma isaaniitti tarani*2*

Kan hamma kana raajani

Qaroomina jedhanii

Baar gamaa ergifatanii

Hoo, yaa, yeees, oliif gadi kaatanii

Waliif gadi kaatanii lammii ko

Waliin dhahanii

*Safuu qabu harkaa gatanii*2*

Yaada geerarsa kanaa irraa kan hubannu geeraraan kun quuqqaa garaa isaa keessaa kan inni ibsate haala dur turee fi safuu amma badee jiruun wal-qabsiisee waan arguu fi dhaga'u taajjabeeti.kana yoo jedhu aadaa baargamaa fi afaan baargamaatiin safuun dur ture akka badee jiru ibsuu isaati.yoomessi geerarsa kanaa waan duraan turee fi yeroo geerarsi kun geerarame sana walitti fiduun kan ergaa isaa dabarfateedha.barbaachisummaan geerarsa kanaa aadaa duraan ture iddootti deebisuuf kan geerarameedha.

4.2.1 GEERARSA AARII

Sireen koo na quqquuqxi

Irruman ciise malee

Dhibeen koo na guggubdi

Ittuman dhiise malee

Abbaa seenaa dabarraan

Gimbiidha malee maali

Agabuu lama bullaan

Rakkoodha malee maali

Rukuttaan ulee geeshee

Dirra namaa balleessa

Jechi baalagee quuftee

Biyyaa nama balleessa
Ani maalan godharee
Teepha koon dhiise malee
Deega koon aare malee
Deegatti yaa farrif
turi amman si fannisa
mukarbaa daraaretoo
ilma abbaan abaaretoo
muka baala hin qabnetti
ilma ayyana hin qabnetti
yoomuu jirbii footanii
bubbuuttu akkam gootanii
ijoollee noolee kootii
ofii biyya teessanii
anaan gimbii keessanii
guungumtuu na gootanii
yommuu bukoon kee danfe
mucaa keetu beela'e
yommuu garaan si na'e
natu maqaa si dha'e(Taarikuu 2005:28-29)

geerarsa olii kana keessatti kan nuti agarru nama qofaa ta'ee guungumeedha.innis quuqqaa garaa isaa keessaa kan ittiin ibsatee fi rakkina isaatti kakachuu isaa hubanna.yoomessi geerarsa kanaa inni geeraru nama gimbii jiru yoo ta'u ijoollee biyya dhalootaa isaa noolee jiraniif kan geeraruudha.barbaachisummaan geerarsa kanaa geeraraan rakkina isaa ittiin kan ibsatee fi deega keessaa hojjetee ba'uu akka danda'u, yeroo inni deegaan turi amman si fannisaa jedhe irraa hubanna.

4.3 KADHANNAAA

Kadhannaan uummata oromoo biratti beekamaadha.kan kadhatamus waaqa uumaati.kadhannaan kunis haala adda addaa keessatti kan kadhatamuudha.kana malees kan nama dhuunfaan ykn immoo gareen kadhatamu illee ta'uu mala.fknf oromoon yoo bokkaan roobuu dide tulluutti ba'ee

ni kadhata.kana malees haala adda addaaf bakkeewwan garaa garaatti ni kadhata.akkuma kana yoo nyaata nyaatu ganama,guyyaa fi galgala akka itti kadhatu qaba.

> Malkaamuu Taarikuu, (9) *Suuta jedhee bakka ciisee jiruu ka'ee fuula isaa dhiqatee 'yaa waaqi, uumaa waaqaaf lafaa uumamni hundinuu ulfina keetiif kan hoollatu, ilaa ani dadhabaan cubbamaan gara keen ilaalaa jiraa ati na utubi, na qulleessi, garaa sareef, dugda harreef kennite na badhaasi, alagaa fira, fira immoo garaa naaf laaffisi,addaaf addunyaa naaf kenni,bultoo koof immoo kan na barbaachisu guyyaama guyyaatti naaf arjoomi jedhee uumaa isaa kadhate*

Yaada olii kana irraa kan hubannu namni uumaa isaa kadhatu kun akkuma beekamu dursee kadhannaa kadhate osoo hin taane cubbuu isaa uumaa isaatti akka inni qulleessuuf kadhate.itti aansuun akka inni hundaa gochuu danda'u dubbate.sana booda waan barbaade ykn itti hirrate uumaa isaa kadhate.barbaachisummaan kadhannaa kanaas waaqa ykn uumaa kadhatee kan dhabe harkaa fudhachuufidha.yoomessi kadhannaa kanaa ganama barii siree isaa irraa ka'ee erga fuula dhiqateeti.

Malkaamuu Taarikuu, (32),

> *Yaa waaq, yaa isa waammatanii namaaf dhageessuu, yaa isa jiraataa taatee, yaa isa sooressootaaf malee hiyyeessotaaf hin dhaga'u namaan hin jennee,kan ija tokkoon nama ilaaltuu galanni siif haa ta'u.xinnaa guddaa, qallaa furdaaf,tokkummaaf jaalala uummata oromoof kenni.kan nuti soorannu suga nuuf godhi*.

Yaada olii irraa kan nuyi hubannu uumaa isaanii leellisanii, waan hunda gochuu akka inni danda'uu fi ija wal-qixaan akka inni nama ilaalu akka inni ta'e kan dhugaa ba'an, soorri irratti kadhatamaa jiru sun illee akka eebbifamu ykn suga godhatuuf kan kadhatanii fi tokkummaa oromoof illee kan kadhatan ta'uu isaanii hubanna.

4.4 EEBBA

Eebbi oromoo biratti beekamaadha.eebba kanas sadarkaa ittiin eebbisu qaba.kana jechuun ijoollee fi dargaggeessa ykn jaarsa wal-qixa hin eebbisu.seera qaba.fknf ijoollee akka isheen guddattuuf, yoo guddatte immoo beekaa akka isheen taatuuf kan eebbisanii fi kkf ta'uu malu.

Malkaamuu Taarikuu, (2005;32) "ulfaadhu ilma koo ayyaanni abbaa keetii waaqni garaa gurraachaa siif haa dhaabbatu"

Eebba olii kana irraa kan hubannu abbaan ilma isaa jaallatu yeroo abaaru argina.yaada kana irraa kan hubannu waaqni garaa gurraachaa siif haadhaabbatu yoo jedhu waaqa oromoon yeroo waamu waaqa garaa gurraachaa jedhee kan waamu sana kadhateef.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:35) haadha nimoonaa atis ilma kee eebbisikaa

> *Tu...tu...tu... yaa waaq harka koo miti harka keettan kenne,aantii koo miti,si isa hundumaa danda'uu waaqa utubaa malee,lafas gargaarsa tokko malee ta'i jettee gootee sittan dabarsee kennee nuuf eegi.alagaa fira,fira immoo garaa laaffisiif,addaa fi addunyaa laadhuuf,simboo itti godhi,barumsa isaatti isa milkeessi.waan naaf kadhatamteef ulfaadhu jettee eebba akka bokkaa itti dhangalaaste.*

Eebba haati ilma eebbiste kanarraa wanti hubannu haati akkuma beekamu jaalalli isheen dhala isheef qabdu addadha.eebba garaa irraa fudhattee kan nama eebbistuu fi waan gaarii kan namaaf hawwituudha.kan olii kunis egaa akkuma kana waan garaan ishee hawwuufiin eebbiste.

4.5 MAMMAAKSA

Afoola oromoo jiran keessaa mammaaksi isa tokkoodha.mammaaksi uummata biratti kan beekamuu fi baayinaan itti kan fayyadamaniidha.mammaaksi haasaa keessatti ga'ee guddaa qaba.mammaaksi dubbii fid, dubbis fixa kan jedhamuuf kanaaf.Mammaaksi hima tokkittiidhaan ergaa guddaa dabarsuudha.kana malees hima tokkoon dubbii dheeraa gabaabsuudha kanaafuu mammaaksi faayidaa guddaa qaba.

Malkaamuu Taarikuu, (17) "Hunda dubbatan garaatu duwwaatti hafa"

Mammaaksa kana irraa kan hubannu hunda dubbachuun gaarii akka hintaane ykn waa garaatti hanbifachaa akka dubbataniif kan nama gargaaruudha.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:39) "hiyyeessaaf maal jennaan qeensaf cittoo jedhani"

Mammaksi kun kan nu hubachiisu hiyyeessi sila iyyuu kan waa hin qabneedha.sanuu dhukkuba cittoo fi qeensatu itti dabalameef jechuudha.kallattiin kana gaafa xiinxallu cittoon dhukkuba nama hoossisu yoo ta'u, sanuu hiyyeessa sanuu of hooqaa akka inni ooluuf ykn rakkina keessaa akka inni hojjetee ba'uu hin dandeenyeef kan itti dabalamuudha jechuutti hiikama.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:35), "waaqni kan garaati."

Mammaaksa kana irraa kan hubannu akkuma amala mammaaksaa dubbii gabaabaatiin waan guddaa ibseera barreessaan kun.kana jechuun waaqni garaa ilaala.akka namni fuula ilaalu miti.qulqullummaa garaa ilaala jechuudha.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:51) “dhukkuba guddina hin du’an”.

Mammaaksa kanarraa kan nuti hubannu yoo carraa rabbiin ta’e male baay’ee dhukkubsataniif miti kan du’an jevhuu barbaadeeti.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:53) “baayyateef qoricha hin ta’u”

Mammaaks kana irraa kan hubannu Qoricha qoricha kan taasisu ykn qorichi kan fayyisu bayina isaaf osoo hin taane xinnoomtuu ni ta’a.yoo qoricha miti ta’eefimmoo baayini isaa hiika akka hin qabneedha.kanaafuu qorichi baayinaan osoo hin taane qorichummaa isaan mirkana’a.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:67) “kan agadaa baalaan hin beekne dubbii haalaan hin beeku”

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu namni agadaa baalaan hin beekne dubbii dugdaan ykn haalaan hin beekne fi agadaa baalaan hin beeknedha.kana yoo jedhu agadaa biqiloonni fakkaatan akkuma jiran baala isaatiin akkuma adda baafnu dubbiis osoo namatti hin himamin haalaan beekuu akka qabnuudha kan hubannu.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

“Ati maal na goote natu gaalamoote”

Yaada olii kanarraa kan hubannu mammaaksi kun mammaaksa gaabbii agarsiisu ta’ee balleessaa jiru kan balleesse si miti ana jechuudhaan kara faallaa kan ibsuudha.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:80) “mari’ataan gowwaa hin qabu”

Yaada olii kanarraa kan hubannu mareen gowwummaa osoo hin taane abshaalummaa kan ibsu ta’uu fi mariin abshaala nama taasisuu isaati kan hubannu.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:83) “karaa harra qubni lixe dhundhumni lixa”

Yaada kanarraa kan nuti hubannu gara laafummaadhaan harra garaa ofii nama of barsiisanii waan xiqqoo namni namatti roorrisuun bor immoo sana irra akka ballatuudha.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:83) “Gadheef goondaa abbaatu ofirraa dhowwa”

Yaada kanarraa kan hubannu goondaan yoo mana seene ba’uun cimu gadheenis yoo keessa namaa barte kan ofirraa hin kutin kan namatti xabattu ta’uu isheeti kan hubannu.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:98) “ Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka”

Yaada mammaaksa kanaa irraa kan hubannu ollaan nagaa afaaniin gaafatee afaaniin nagaadha ittiin jedhamu malee osoo hin nyaatin bultee kee ykn immoo lafa bulteef,sireerra bultee ykn si dhukkubee hin beeku jechuudha.

Malkaamuu Taarikuu,2015: (118) “Gogaa jiidhaatti maru”

Yaada kanarraa kan nuyi hubannu akkuma tiruun bulte lafee taati jedhamee mammaakamu ,yoo ijoolleenfaa guddisa badde yeroo xiqqummaa ishee itti qixaaxxatanii hin deebisan yoo ta’e yeroo humna isin caaltee dargaggoomtitti deebisuun hin cima jechuu yoo fedhan mammaaksi kun kan mammaakamuudha.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:120) “hafaa gaarii irra afaan gariitu caala”

Mammaaksa kana irraa kan nuti hubannu gaarii dubbachuun hafaa gaarii irra akka caalu ykn nama gammachiisudha kan hubannu.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:123)“Kan rakkatee beekutu rakkina namaa namaaf beeka”

Yaada oliirraa kanarraa hubannu namni rakkina rakkatee hin argin namni yoo rakkateef rakkina sana ofii isaatii waan hin beekiniif rakkina ykn rakkoodha jedhee akka rakkootti hin lakkaa’u.kana malees nama rakkate sanaaf hin yaadu.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:124) “Jirbiin wal-qabattee arba hiiti”

Yaada olii kana irraa kan nuyi hubannu mammaaksi kun tokkummaan faayidaa guddaa akka inni qabuudha.kirriin tokko akkuma beekamu arba mitii handaaqqoo iyyuu hin hidhu.garuu yoo wal-qabattu waan guddaa akkuma isheen gootu, tokkummaanis waan sodaatamaa namni qofaan guddaadha jedhee ilaalu akka gochuu danda’uudha

Malkaamuu Taarikuu,(2015:132), “dhugaan ni qallatti malee hin cittu”

Yaada kanarraa kan hubannu dhugaan akkuma beekamu sobaan dhiibamtuu akka taatee fi yoo dhiibamte immoo kan hin cinne ta'uudha.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:135), "Karaa fi hamaatu gargar nama baasa"

Yaada olii irraa kan nuti hubannu karaan akkuma jajalluu qabu garaan hamaas kanuma.hamaan hammeenyaan beekama.hammeenyi inni ittiin beekamus gargar baasuu yoo ta'u karaa waliin wal-fakkeessuudhaan kan himamuudha.

Malkaamuu Taarikuu,(2015:136-137), "saree bataskaana seente"

Yaada kanarraa kan hubannu sareen bataskaan seente iddoo dhaabattuuf teessu hin qabdu.hundumatu ari'a.

4.6 HIMIINSA

Himiinsi karaalee adda addaan waan beekan waliif qooduudha.wanti beekan kunis waan dhaga'anii fi waan dubbisan irraa ta'uu mala.kanas abbaan ilmatti seenaa dubbisee, barayee beeku abbaa isaa hin barannetti himuu danda'a.kana malees abbaan ilma isaatti waan beekuu fi duraan hawaasa keessatti beekamu itti himuu mala.aadaa duraan ture ijoollee barsiisuudha.kana jechuun akka wanti tokko ittiin hojjetamu,kallattii isaa agarsiisuu fi waan uummata keessa jiru kara isaan hubachuu danda'aniin akka umurii isaaniitti itti himuudha.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:21-23) himiinsa kana keessatti kan mullatu kan afee jaarsi ijoolleetti himutu argama.

> *Kabajami ilma koo gaaffiin kee baay'ee namatti tola.maal sitti fakkaate mukti kun dura ni caba,garuu mukichi qajeelaa ta'uu qaba.kana booda eerga aalbee ykn qottoo xiqqoodhaan irraa qulqullaa'ee booda ji'a tokkoo hanga waggaa tokkootti awwwaalama.kun garuu fedhii kee irratti hunda'a kana booda keessaa fuudhama.eerga fuudhamee booda nooraan irra qulqullaa'ee yoggaa inni qooru dhadhaa,dammaa fi mooraan rirriitama...dhaqna isaa guutummaatti dhaqnaa fi mooraan erga rirriitamee booda kaninni mucaa namaa fakkaatu. Nama ajaa'iba! Aadaan boonsaa akkasii iyyuu jiraa edaa?Ciminni ulichaa hoo akkami? Maal jedheen sitti hima ilma koo ...meeshaan waraanaa biraa kanneen akka shoolkettii biratti galata haa dhabu... yeroo bakka sirbaa dhaqani hoo sirba akkamiitu sirbamajedhe nimoonaan? Geelloo jedhama. Bakkuma fedhanitti geellifama moo bakka qaba? Lakki ilma koo bakkaa fi yeroo qaba.fknf yeroon isaa yeroo ayyaana fannoo, yeroo ayyaana qilee fi yeroo cidhaati...bakki isaa immoo Bakkuma fedhanitti geellifama moo bakka qaba? Lakki ilma koo bakkaa*

fi yeroo qaba.fknf yeroon isaa yeroo ayyaana fannoo, yeroo ayyaana qilee fi yeroo cidhaati...bakki isaa isaa keessaa bakkeewwan muraasan sitti hima: kooraa daandii, ganda qotee bulaa garjootti argama.qiinxii lolaa, naannoo kiiramuutti argamsa.laga hiddii, bakka kanatti kan wal-ga'an immoo cuuttaa, baddeessaa makkoo, tasiwoo, hooree fa'i fi kkf hedduudha jechuun ibsaniif

Himiinsi olii kan nu hubachiisu aadaan dur ture maal akka ta'ee fi akkamittiin akka geggeeffamaa ture, dhiirri sirba dhaqu ulee qabatee dhaquu akka qabuu fi uleen sun immoo akkamittiin akka inni qophaa'uu danda'u kan nu hubachiisuu fi iddoowwan akkamiitti akka geggeeffamaa ture kan nu barsiisuudha.yaada olii irraa akka hubannutti geelloon yoomessa mataa isaa kan qabuu fi iddoo hundatti kan hin geellifamne ta'uu isaa hubanna.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:37) kana keessatti afee ilmi abbaatti himu argina.

Finfinneen immoo eessaa?

Yaa abba! Hin qoosta moo dhugumaa?

Maalin qoosa ilma koo dhuguman siin jedha.

Finfinneen isa jarri addis ababa jedhaniidha.

Maqaan kamtu dursee moggaafamere?

Baay'ee nama dhibda abba akkam gaaffiin nama qortaa?

Maal sitti fakkaate: maqaan finfinnee jedhu kan mogga'e jaarraa 16ffaa keessa yoggaa sosochii gadaati.keessumaa immoo bara gadaa michilleetti, gadaa kanatu diina isaa...namicha jaan amooraa jedhamuadamsee bakka hamma finfinnee jedhamu kanaan ga'anii, dura bu'aa diina isaaniis ajjeesanii maqaa kana gonfaniif.finfinnee jechuun immoo maal ilma koo? Obbo! Asirratti egaa kana jechuu irra irraa waan beektonni seenaa lafa ka'an Kanin kitaaba tokko irraa argadhen siif odeessa:akka beektonni seenaa jedhanitti finnee-finnee jecha jedhamu irraa argame.kana jechuun gadaan michillee erga lola geggeessanii diina isaanii injifatanii booda finnee finnee jechuudhaan eerga diina isaanii injifatanii booda yerochuma finfinnee jechuudhaan bakki sun beekamee hafe.hayyoonni seenaa tokko tokko immoo naannoo sana bishaan ho'aan lafa keessaa waan ol finiinuuf finfinnee jedhame jechuun dhugaa ba'uuf. Ilma koo addis ababaa inni jedhani hoo? Maal sitti fakkaate obbo,kun kan mogga'e bara 1896 ttidha. Maqaa kana kan kenneefis haadha manaa minilik Xaayituudha. Gurri kee haaga haa dhaga'u ilma koo kunoo ani abbaan kee umurii amma kana lafa irra jiraadheen kana hin barinan ture,ati garuu mucaan kaleessaa na barsiiste.jedhee dinqifachuu eegale.

Himiinsa olii kana irraa kan hubannu silaa kan beekan afaaniin dhala isaaniitti kan himuu qaban ture. abbaan gurbaa kanaa immoo tokkoffaa seenaa finfinnee qorachuuf irraa fagoodha.

lammaffaa immoo kitaaba seenaa nama dubbisanii hubachuu hin dandeenye ta'uu malu.kanuma irraa ka'uun seenaa bara dheeraa dura ture akka abbaan ijoollee isaatti seenaa himuutti, dhala isaanii irraa seenaa gaafatanii hubatan.kun kan nu hubachiisu afoolli ijoollee irraa nama guddaatti daddarbuu akka danda'u hubanna.

4.7 SIRBA GEELLOO

Sirbi geelloo dhiiraa fi shamarraniin kan sirbamuudha.kana jechuun sagalee wal-jalaa qabuudhaan dhiirriif shamarran kan walitti sirban ykn geellisaniidha.kunis yerooma hunda ykn iddoodhuma arganitti osoo hin taane yeroo fi bakka adda addaa qaba. sirba kana keessattis wal irraa galagalfachuutu jira.yoo intalli gurbaa wajjin sirbitu sirbi ishee garaa isa kan biraa raase, akkasumas intalli inni itti sirbaa jiru hin taaneef dhaqee nama biraa irraa galagalfata.yeroo kana dubbiin kan ka'ee dargaggeessi wal-tumu.kana malees seera gelloo keessatti qaxxaamura wanta jedhamutu jira.innis kan qaxxaamuramu akka aadaatti dhiigatt ykn firatti hin sirban.yeroo kana bira darbanii kan fira hin ta'initti yoo sirban qaxxaamura jedhama.mee gaditti kan ilaallu yeroo dargaggeessi tokko dargaggeessa biraa irraa galagalfatu haa ilaallu.Malkaamuu Taarikuu, (25-26)

Galagalcha abbaa rabbi garbittiin dasee haatee
Galagalii naaf sirbi namtittiin gadhee taatee
Dibbee kee dha'ii dha'ii yaa kiraara koo jedhi
Na fudhuu badii gali yaa ixaana koo jedhi
Yaa ixaana hundee,yaa nuugii mana boroo
Kottu ijaan wal-agarraa yaa lookoo intala qoroo
Karaa saaqaa boqqolloo surraan kaleessa darbe
Garaa kaasaa tokko immoo harraaf kaleessan arge
Gaangoo giraazmaach hundee jajjaba hin dheedu fardi
Maal yoo bishaaqaa dhufte natty haa bareedu lafti
Didibbeen diiga jedheen warri baabboo lallaba
Si jibbeen dhiisa jedheen marrummaan koo dadhaba
Yaa biddeena boqqolloo,yaa adii akka sabbataa
Namni olla keessan jiru osoo hin nyaatin gabbata
Manni keessan haa jigu situ ijaarrata malee

Warri keessan na jibbu situ na jaallata malee

Kuunnookaa manni isaanii fuullee bishaan waraabaa

Na jaallatti intalli isaanii na jibbukaa isaanii

Du'i hin dhiisu intala isaanii

Morma loshee lowee xiilloon darabaadha

Barbaree biqiltuu yaa madaa quba jalaa

Marmaree si liqinsuu yaa masaaqula intalaa

Yaada olii irraa kan nuti hubannu geelloo keessatti dargaggeessi tokko dargaggeessa biraa irraa yeroo inni galagalchatee itti sirbuudha kan nuyi hubannu.kana malees geellisaan kun ergaa adda addaa keessa dabarfachaa jira.intalli akka jaallattuu fi warri isaanii immoo akka gurbaa hin jaallanne kan irraa hubannuudha.kana malees geellisaan kun nama murtoo qabuu fi yoo warri isaanii jibban illee ishee dhiisuu akka hin dandeenye kan murtoon dubbachuu isaa hubannuudha.kun immoo seera geelloo keessatti baramaadha.yeroo kanatti inni irraa fudhatame yoo danda'eef lola kaasee irraa fudhata.

4.8 ABAARSA

Malkaamuu Taarikuu, (2005:46) "Isa iyyuu na ilaalaa ija kee irra biyyoo haa deebisanii abbaa. ofumaa hin dhama'in loomii hoo hin argattuu.loomii hoo hin argattu! Isa qalbii dabarse malee eenyuutu ishi jedhee sitti heeruma.dhaqii saree fuudhi abbaa.jettee hamma abaarte abaartee sokkite"

Yaada olii irraa akka hubannutti haati loomii osoo inni loomii wajjin jiruu argitee abaaruu ishee argina.baay'ee tuffachuu irraa kan ka'e hedduu abaaruu isheeti kan mullatu.

Kana irratti immoo hirbuu ofiif galuu ykn kakachuudha kan mullatu. Malkaamuu Taarikuu, (2005:48) "yoon loomii irratti nama biraa ilaale, lafeen gootota oromoo inni calanqoodhaa lallabu qoree ta'ee na haa waraanu, dhiigni gootota oromoo inni jaarraa tokkoo oliif dhangala'e, haroo ta;ee na haa nyaatu".

Arrabsoo dhiirri arrabsamu yeroo balbala ol-seenu akkaataa inni ittiin kadhateen yeroo arrabsan akkas jedhu, Malkaamuu Taarikuu, (2005:55)

Baala abiraangoo Boqojjii sooressaa

Raammoo abbaa bicinqaarroo macarassi
Soddaan durii karra bililee fidee
Margaan kadhata abbaa soddaa koo
Inni ammaa farra,bixxillee fixee
Marqaan kadhata hoo

Yaada olii kana irraa wanti nuti hubannu yeroo balbala ol seenu waan inni ittiin kadhate ykn akka aadaatti waan inni qabatee dhufee irriin abbiyyuuf amaatii wajjin ittiin walitti araaramaniidha.inni waa'ee soddaa durii fi ammaa hagam akka isaan wal-caalaniin arrabsanii akka inni qarshii ykn gabbara sirrii kennuuf haala nyaata isaan qabanii arrabsu.kana yoo jennu aadaadhumaan sababa jiruuf malee soddaan inni duraanii sunis akkuma isa hammaa kana arrabsamaa ture ta'a.

Yoggaa inni kokkolfu immoo akkas jedhanii arrabsu.
"batee xiqqoo gola dhabbatti
Soddaan mananaa gammadde xinnoo kolfa jaallatti.
Qeerroo dullattii
Udaan guddatti
Kanaaf huqqatti"

Yaada olii kanarraa kan hubannu waa'ee kokkolfuu isaan wal-qabsiisanii akka inni itti dallanuuf haala mijeessu.kana malees waa'ee kolfa isaan wal-qabsiisaniidhuma gama umurii isaatiin qeequun aarsu.

Yeroo nyaata nyaatanii ka'an soddaan akka aadaatti nyaata deebi'e jala akka aadaatti qarshii kaa'a,akkas jedhu yommis immoo Malkaamuu Taarikuu, (2005:35)

Baala ambaltaa yaa doggomaa
atoo hin barree yaa tortora
Maaddii irra kaa'u shantama
Maalitti beekta ulfin abbiyyuu
Ulfina maatii keeyyuu hin beektuu
Daaguzaa muruu shan bakkee buluu
Abbee soddaa koo qoortuu asheeta hin nyaatu

Mataa midhaanii yoo gogsan malee

Gossanuu hin nyaattu hin rarraafti malee

Maaloo hiriyee koo an hiddan se'ee

An dhirsan se'e

Xaddeetu si nyaatee

Bakkeetti baasee

Yaada olii kanarraa kan nuti hubannu akka aadaatti kan jiru ykn qarshii laatamu sana akka waan inni hin beekneetti ykn hin kennineetti lakkaa'uun hubachiisuudha.soddaanis yeroo kanadha kan inni qarshii jedhame kaffalu

Yeroo inni mangaagaa guutee nyaaatu immoo akkana jedhu, Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

"hiddii xooxaraa gurbaa yaa soddee

Suutuma nyaadhu hudhamtee

Mataa abbaa kutaa barbaree baalaa

Sukkaaraa marmaree maa itti cuqqaalaa?"

Yaada olii kanarraa kan hubannu yeroo inni nyaata nyaatu akka inni of eeggannoon nyaatu kara arrabsoo kanaan kan isa hubachiisaniidha.

Yeroo inni misirroo fuudhee gadi ba'uuf jedhu immoo, Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

Aabbee soddaa koo xuuxxuu sigaaraa

Udduu si aara

Eessaan gadi baata

Harra albaata

Albaatu hin galtu

Qullaa kee galta.

Yaada kanarraa kan hubannu soddaan kun haa xuuxu haa dhiisu jechi kun kan ittiin jedhamu ta'ee,amma inni mana keessaa gadi ba'utti kan arrabsaniidha.

4.9 Jechamoota

Jechamoonni dubbiin kara lamaan hiikamu kan ittiin himamuudha.kana jechuun dubbiiwwan qolaa fi kkfniif kan fayyaduudha.jechamoonni yeroo hedduu kallattii namni hin yaadiniin hiikamu.keessattuu hiika jechamootaa namoonni afaan sana sirriitti hin beekin beekuun baay'ee ulfaata.sababni isaas hiika kallattiin namni itti yaadu osoo hin taane kallattii biraatiin kan hiikamaniidha.jechamoonni kun himaan,gaaleenii fi jechaan dhihaachuu danda'u.kitaaba kana keessatti jechamoota hedduutu argama.haa ta'u malee haala yeroo keenyaan wal-qabsiisuuf jechamoota muraasa haa ilaallu.jechamoota fuul-durattis hiika gaggabaabaatu itti laatamaa deema.

"Ibidda saafaa"(Malkaamuu Taarikuu, 2005:8). kana jechuun kan waan dhaamuu hin dandeenyedha

"Ollaa bunaa" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:8 fi 15).

kan walitti dhihoo ykn wal-biraa jechuu yoo ta'u ibsa kitaaaba kanaa keessattis kanuma ibsuufidha.

"Nama nyaataa" (Malkaamuu Taarikuu,2005:8) Kan fira fakkaatee nama galaafatu jechuudha
"Bu'ee ba'ee Kufee ka'ee" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:9). Kana jechuun kan ifaaja guddaadhaan rakkoo wayii keessa darbeedha.
"Harka maratee" Malkaamuu Taarikuu, (2005:9).-hojii hin hojjetu ykn callisee ta'a jechuudha.
"Garaa saree" Malkaamuu Taarikuu, (2005:9). Hunda danda'aa
"Lafa dha'e" (Malkaamuu Taarikuu, (2005:10).ni kufe
"Xurii qeensaa" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:10).xinnoo jechuu yoo ta'u tuffii kan agarsiisuudha.
"Hafuura kutanii"(Malkaamuu Taarikuu, 2005:10).Sardanii ykn ariifachiisanii
"Barri hin burranne" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:11).walii hin wallaalchifamne
"Beela injifate" -(Malkaamuu Taarikuu, 2005:11). in nyaate
"Hadhaa qoma jalaa" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:12).kan booree guddaa namatti ta'u.
"Hafuura dheeraa baafate" (Malkaamuu Taarikuu, 2005:15).ni dadhabe.
"Dugdaa fi garaa"(Malkaamuu Taarikuu, 2005:17).- faallaa walii

“Afaanin isin gosse” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:21).haasaadhaanin isin turse ykn nyaata isin hi nyaachisne jechuudha.

“Ija tokkoon nama ilaaltu” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:32).nama addaan hin qoqqooddan

“Ija kormaa handaaqqoo” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:32).kan baay’ee diimatu.

“Simbirroo masqalaa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:38).kan daftee hin mullanne

“Ilkaanshee akka jirbii hiddameeti” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:40).ni addaata.

“Ijuma duwwaan si ilaale” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:42).waa isinii hin goone.

“Madaa laphee jalaa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:44).kan baay’ee nama dhukkubu.

“Dugda itti gate”(Malkaamuu Taarikuu, 2005:51).waa’ee isaa ykn ishee dhiise.

“Faana dhahe”(Malkaamuu Taarikuu, 2005:71).hin hordofe

“Dhukkuba handaaqqoo” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:73).mata buusisaa

“Mana bunaa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:79).iddoo itti namoonni qaama isaanii gurguranii jiraatan itti argamanidha,

“Mucaa dubbii halanfatte”(Malkaamuu Taarikuu, 2005:79).kan haasaa nama guddaa ykn haasaa beekaa dubbattu jechuutti hiikama

“Kufee ka’a” .(Malkaamuu Taarikuu, 2005:83).hin tattaafata.

“Ija natti babaasa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:83).na doorsisa.

“Abbaa hirree” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:89).Aboosaan waan fedhe kan godhu.

“Ilillii birraa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:137).Kan baay’ee miidhagu.

BOQONNAA 5: GUDUNFAA FI YAADA FURMAATAA

5.1 Gudunfaa

Qorqnnoon kun mata duree xiinxala akaakuwwan afoola oromoo kitaaba afoolota oromoo of keessatti qabatan kitaaba asoosamaa sussuka adoolessaa jedhu irratti afoolota isaan keessa jiran xiinxaluudhaan boqonnaawwan shanitti qoodee dhiheessee jira.boqonnaa tokko keessatti adeemsota qorannoon ittiin geggeeffamu kan akka seen-duubee qorannoo,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa,daangaa qorannichaa fi hanqina qorannichaa kan of keessatti qabata.boqonnaan lama immoo sakatta'a barruuwwan wal-fakkaatanii yoo ta'an maalummaa afoolaa,gosoota afoolaa,faayidaa afoolaa,asoosama,caaculee asoosamaa, hariiroo afoolaa fi og-barruu barreeffamaa,fayyadama afoolaa og-barruu barreeffamaa keessatti,wal-fakkeenyaa fi garaagarummaa og-barruu barreeffamaa fi afoolaa,fi xiinxala barreeffamoota wal-fakkaataniitu mullata. boqonnaan sadaffaan malaa fi saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu,mala funaansa ragaalee odeeffannoo, adeemsa qaaccessa ragaalee, fi mala qindaa'ina qorannoodha, boqonnaa arfaffaan immoo xiinxala ragaalee kitaaba sussuka adoolessaa keessatti argamaniiti. Boqonnaan shanaffaan immoo gudunfaa, yaada furmaataa fi wabiileetu dhiyaata.

Dabalataanis qorannoo kanaan dura barattoonni qorannoo mata duree kanaan wal-fakkaatan, walitti dhufeenyii fi garaagarummaan isaanii haalaan ibsamee jira.asoosama kana keessatti gosoonni afoolaa akkamii akka argaman illee kan kaa'uudha.

5.2 Yaada furmaataa

Sabni tokko jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti akkuma beekamu afoolatti fayyadamaa oola.fakkeenyaaf ittiin barachaa,ittiin sirbaa,ittiin haasa'aa fi wantoota hedduu ittiin hojjechaa oola.kun immoo afoolaaf faayidaa muraasa qabaata.sababni isaa afaaniin waan ta'eef inni beeku osoo dhaloonni isatti aanan irraa hin baratin du'aa ykn teeknoloojii baraatiin dagachaa dhufa.kanaaf immoo furmaata kan ta'an kan barreessuu danda'u hunduu afoola naannoo isaatti beekamu osoo barreessee afoolli oromoo gara og-barruutti jijjiiramuun umurii dheeraaf turuu mala.yeroo hedduu barreessitoota kitaabaa tokko tokkorraa wanti mullatu seenaadhuma jaalallee tokkoon eegalanii osoo keessaa waan tokkollee itti hin dabalin yaaduma isaanii barreessu.kun immoo afoola ajjeesaa deema.osoo kitaabawwan nama hawwatan kan akka asoosamaafaa

keessatti afoolli barraa’e dubbistootni waan jaallataniif afoolli achi keessaan inni hin beekne baraa deema ture.afaan ofiif afaan ofiitiinis ta’e afaan biraatti hiikanii barreessuun guddina afaan tokkoof illee ga’ee guddaa kan taphatuudha.

Wabiilee

Abarraa Nafaa fi Warquu Dachaasaa.(2006). *Wiirtuu Jildii-2: Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.

Abdii Waaqgaarii .(2015). "*Qaaccessa Asoosamoota Tuulaa Cubbuu fi Ichima Jaalalaa Yaaxxina Bifiyyeen*", yuunversiitii Addis Ababa

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo.* Finfinnee: Finfinne : Mega Printing Press. .

_____ .(2016). *semmoo: bu'uuraalee ogbarruu afaanii fi afoola oromoo*

Asafaa Tafarraa .(2009).*eela: seenaa oguma oromoo* finfinnee.far-east trading plc.

Asaffaa Tuuchoo .(2008). *Gumaata*. finfinnee, oromiyaa, Far East Trading plc

Bascom William. (1965). *Four Function Folklore.* Journal of American Folklore.

Dastaa Dassaalany.(2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee :Dhabbata Maxxansa Boolee.

_____ .(2011). *Waadaa.* Asoosamoota Ariitiin Biroo Waliin.Finfinnee:Branna

Dirribaa Tarrafaa.(2010).*Wiirtuu jildii-10*,Giddu gala aadaa oromoon kan maxxanfame, finfinnee oromiyaa, Branna P.E

Dirribee Qana'aa.(2007).*Dilbii afoola oromoo.Jildii* 1.finfinnee.Subi printing press.

Dundes, A.(1965). *The Study of Folklore.* Berkeley: Prentice-Hall, Inc.

Encyclopedia Britannica.(1993). *Vol.19.* Chicago: Encyclopedia

Fedhasaa Taaddasaa (2017) *bu'uuraalee og-barruu oromoo*.finfinnee oromiyaa, ADP press

Finnegan, R.(1970). *Oral Literature in Africa.* Nairobi: Oxford University Press.

_____. (1977). *Oral Poetry: Composition Perf*

Geetaachoo Rabbirraa.(2007). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Publishing Enterprise.

Malkaamuu Taarikuu.(2005).Sussuka Adoolessaa, finfinnee , oromiyaa, Elleni, P.P. Plc

Melakeneh Mengistu.(2006). *Fundamental of Literature.* Addis Ababa: Addis Ababa University.

Nagaasaa Toleeraa,Soofiyaa Siraajii, Abarraa Nafaafi Baqqalaa Damisee. (1999). *Wiirtuu Jildii-8.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.

Okpewho, I.(1992*). African Oral Literature: Background, Character and Continuity Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.* perf*ormance and Context.* Cambridge: Cambridge University Press

Taarikuu Bantii .(2008).*“xiinxala afoolaa Asoosama filatamanii"* finfinnee, yuunversiitii Addis ababa

Yaadasaa Tolasaa.(2018). malleen qorannoo bu'uuraa, finfinnee oromiyaa, Far East Trading PlC

Zarihuun Asfaw.(1992) *yenanastuf maswiii. Adiis Ababa.univarsity*

http://cstl-cla.semo.edu/hhecht/The%20Elements%20of%20Fiction.htm

http://en.wikipedia.org/wiki/Bernhard_Baader)

https://www.fererence,com/art-literature/oral-literature

http://learn.lexiconic.net, Dorson, M. (1972). *Folklore and Folklife*. *An Introduction*: Chicago University Press

World Book Encyclopedia. (2002). Vol. 4. Chicago: World Book, Inc.

Dabalee

ibsa kitaabichaa

Kitaabni *Sussuka Adoolessaa* jedhamu kun bara 2005 Malkaamuu Taarikuutiin barreeffame.manni maxxansaa isaa immoo ELLENI P.P.PLC tti kan maxxanfameedha.kitaabni kun walumaa gala fuula 158 kan qabuudha.Caacculee asoosamni tokko qabuun immoo kan badhaadheedha.fknf kanneen akka wal diddaa,nam fakkii,jaargochaa,sabseenaa fi kan kana fakkaatan of keessaa kan qabuudha.Akkasumas Afoolawwan gosa adda addaa kan of keessaa qabuudha.fakkiin qola isaa irraa harka abaaboo wayii qabatee jirutu irraa mullata.qolli dhumaa immoo galata namoota yaada kitaabicha irratti laataniiftu jira.bifti qola kitaabichaa furaaf duubni isaa diimaa fi keellootu wal makee jira.mata duree kitaabichaa waliinis hedduu kan walsimatuudha.seenaa kitaabichaa yoo gabaabaatti ilaallu gurbaa nimoonaa jedhamutu jira.innis kan dhalate Godina Wallagga Lixaa Aanaa Noolee Kaabbaattidha.innis maatii iyyeessarraati kan dhalate.Nimoonaan nama amala waa gaafachuu ykn seenaa durii qorachuu sirriitti qaba.akkasuma illee nama barnootaan cimaadha.Barnoota isaa yeroo kutaa 12 Compresive Gimbii jirutti nama maqaanshee Loomii jedhamtu kan mana kiraayii maatii isaanirraa fuudhee baratu jaallate.loomiinis hedduu jaallatte.osoo kanaan jiranii guyyaa tokko osoo isaan wal dhungatanii haati loomii argite.yeroo argitettis mataa nimoonaa uleedhaan rukuttee gaggabsite.yeroon kunis adoolessa 17 ture.Inni immoo yeroo kanatti yeroo inni qormaata xumuree yuunversiitii deemuuf jedhutti ture.kanuma sababa godhachuun haati loomii loomii biyyaa baste.Loomiin yoo nimoonaan dhufu itti naaf kenni jettee xalayaa barreessiteefii isa dhiisuu akka hin dandeenye waadaa galteefii sokkite.gara eessuma ishee finfinnee jiru bira turuudhaan sana booda akka biyya hambaa deemtus itti himte.Nimoonaan kanarraa ka'ee waadaa loomii eeguu eegale.teroo gara yuuniversiitii isa ga'e gara Yuuniversiitii Finfinnee deemuuf jedhetti buufata konkolaataa Gimbiitti mucaa daree isaa Siddisee kan jedhamtu waliin wal-baran.Siddiseen Nimoonaa jaallattee haalota adda addaa mijeessite.haa ta'u malee Nimoonaan sababa loomiif amanamuuf jecha Siddisee waliin walii galuu hin dandeenye.Siddiseenis akka inni dhiira hin ta'initti arrabsaa turte.kanumaan Nimoonaan Yuunversiitii Finfinneetti tuqaa guddaa fiduudhaan namoota carraa biyya alaatti barachuu bara sana argatan keessaa tokko Nimoonaa ture.biyyichis Washing ton Dc ture.haaluma kanaan gaafa eebba isaa meedaliyaa badhaafamee eebbifame.kana malees guyyaa kanatti jaalalleen isaa loomiin biyya alaatii waan isa barbaachisuu fi maatiin isaa itti fayyadaman galii guddaa ergiteef.Washing Ton Dc jiraatti isheenis.erga biyya hambaa deemees washing ton dc tti adoolessa gaafa 17 cidha isaanii geggeeffatan.

GEERARSA

Mee haaluma kanaan geeraraan quuqqaa garaa isaa keessa jiru yoo ibsatu Malkaamuu Taarikuu, (21)

ilaameetti *yaa hiriye,hiriyee kafana koo*

Hiriyee miidhaga koo

Yoon kufeef gaachana koo

Yoon kufeef gaachana koo

Ishoo

Bitannaan raadiyoodha

Kan mukuu itti ba'anii

Qabsoofnaan yeroo ammaa

Kan ittiin bilisoomanii*2

Malkaamuu Taarikuu, (13-14)

Anis qaba hadhaa hoo

Hadhaa qoma jalaa

Gadi baasee sitti himuu hoo

Yoon maal siin jedhes siif gala?

Yoo garaan si dide

Dabaree naaf kenni

Dargaggeessichi akkas jedhe itti fufee

Hadhaa baay'eetan qabaam

Kan namatti hin himamneem

Kan firri naaf hin beekne

Kan furmaata hin qabne

Erga jettanii hin oolu

Ka'een irraa jijjigsa

Akka mataa bisingaa

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hin jettaniiree?

Lammiin koo safuu qaba

Kanafaatu na guba

Kana addunyaanuu beeka

Yoo sarbame diinatti akeeka

*Yoo kufeef harka wal-qabaa*2*

Yoo dhiibameef harka wal qaba

Akka ilmoo dhabaa

Akkam fayyaa bultanii

Ooltee itti dabalanii

Iddoo bultii fiolii

Erga qoratanii

Gadi fageenyaan xiinxalanii

*Dhimma isaaniitti tarani*2*

Kan hamma kana raajani

Qaroomina jedhanii

Baar gamaa ergifatanii

Hoo, yaa, yeees, oliif gadi kaatanii

Waliif gadi kaatanii lammii ko

Waliin dhahanii

*Safuu qabu harkaa gatanii*2*

4.1.1 GEERARSA AARII

Sireen koo na quqquuqxi

Irruman ciise malee

Dhibeen koo na guggubdi

Ittuman dhiise malee

Abbaa seenaa dabarraan

Gimbiidha malee maali

Agabuu lama bullaan

Rakkoodha malee maali

Rukuttaan ulee geeshee

Dirra namaa balleessa

Jechi baalagee quuftee

Biyyaa nama balleessa

Ani maalan godharee

Teepha koon dhiise malee

Deega koon aare malee

Deegatti yaa farrif

turi amman si fannisa

mukarbaa daraaretoo

ilma abbaan abaaretoo

muka baala hin qabnetti

ilma ayyana hin qabnetti

yoomuu jirbii footanii

bubbuuttu akkam gootanii

ijoollee noolee kootii

ofii biyya teessanii

anaan gimbii keessanii

guungumtuu na gootanii

yommuu bukoon kee danfe

mucaa keetu beela'e

yommuu garaan si na'e

natu maqaa si dha'e(Taarikuu 2005:28-29)

4.2 KADHANNAAA

Malkaamuu Taarikuu, (9) *Suuta jedhee bakka ciisee jiruu ka'ee fuula isaa dhiqatee 'yaa waaqi, uumaa waaqaaf lafaa uumamni hundinuu ulfina keetiif kan hoollatu, ilaa ani dadhabaan cubbamaan gara keen ilaalaa jiraa ati na utubi, na qulleessi, garaa sareef, dugda harreef kennite na badhaasi, alagaa fira, fira immoo garaa naaf laaffisi,addaaf addunyaa naaf kenni,bultoo koof immoo kan na barbaachisu guyyaama guyyaatti naaf arjoomi jedhee uumaa isaa kadhate*

Malkaamuu Taarikuu, (32),

Yaa waaq, yaa isa waammatanii namaaf dhageessuu, yaa isa jiraataa taatee, yaa isa sooressootaaf malee hiyyeessotaaf hin dhaga'u namaan hin jennee,kan ija tokkoon nama ilaaltuu galanni siif haa ta'u.xinnaa guddaa, qallaa furdaaf,tokkummaaf jaalala uummata oromoof kenni.kan nuti soorannu suga nuuf godhi.

EEBBA

Eebbi oromoo biratti beekamaadha.eebba kanas sadarkaa ittiin eebbisu qaba.kana jechuun ijoollee fi dargaggeessa ykn jaarsa wal-qixa hin eebbisu.seera qaba.fknf ijoollee akka isheen guddattuuf, yoo guddatte immoo beekaa akka isheen taatuuf kan eebbisanii fi kkf ta'uu malu.

Malkaamuu Taarikuu, (2005;32) "ulfaadhu ilma koo ayyaanni abbaa keetii waaqni garaa gurraachaa siif haa dhaabbatu"

Malkaamuu Taarikuu, (2005:35) haadha nimoonaa atis ilma kee eebbisikaa

> *Tu...tu...tu... yaa waaq harka koo miti harka keettan kenne,aantii koo miti,si isa hundumaa danda'uu waaqa utubaa malee,lafas gargaarsa tokko malee ta'i jettee gootee sittan dabarsee kennee nuuf eegi.alagaa fira,fira immoo garaa laaffisiif,addaa fi addunyaa laadhuuf,simboo itti godhi,barumsa isaatti isa milkeessi.waan naaf kadhatamteef ulfaadhu jettee eebba akka bokkaa itti dhangalaaste.*

4.4 MAMMAAKSA

Afoola oromoo jiran keessaa mammaaksi isa tokkoodha.mammaaksi uummata biratti kan beekamuu fi baayinaan itti kan fayyadamaniidha.mammaaksi haasaa keessatti ga'ee guddaa qaba.mammaaksi dubbii fid, dubbis fixa kan jedhamuuf kanaaf.Mammaaksi hima tokkittiidhaan ergaa guddaa dabarsuudha.kana malees hima tokkoon dubbii dheeraa gabaabsuudha kanaafuu mammaaksi faayidaa guddaa qaba.

Malkaamuu Taarikuu, (17) "Hunda dubbatan garaatu duwwaatti hafa"

Mammaaksa kana irraa kan hubannu hunda dubbachuun gaarii akka hintaane ykn waa garaatti hanbifachaa akka dubbataniif kan nama gargaaruudha.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:39) "hiyyeessaaf maal jennaan qeensaf cittoo jedhani"

Mammaksi kun kan nu hubachiisu hiyyeessi sila iyyuu kan waa hin qabneedha.sanuu dhukkuba cittoo fi qeensatu itti dabalameef jechuudha.kallattiin kana gaafa xiinxallu cittoon dhukkuba nama hoossisu yoo ta'u, sanuu hiyyeessa sanuu of hooqaa akka inni ooluuf ykn rakkina keessaa akka inni hojjetee ba'uu hin dandeenyeef kan itti dabalamuudha jechuutti hiikama.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:35), “waaqni kan garaati.”

Mammaaksa kana irraa kan hubannu akkuma amala mammaaksaa dubbii gabaabaatiin waan guddaa ibseera barreessaan kun.kana jechuun waaqni garaa ilaala.akka namni fuula ilaalu miti.qulqullummaa garaa ilaala jechuudha.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:51) “dhukkuba guddina hin du’an”.

Mammaaksa kanarraa kan nuti hubannu yoo carraa rabbiin ta’e male baay’ee dhukkubsataniif miti kan du’an jevhuu barbaadeeti.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:53) “baayyateef qoricha hin ta’u”

Mammaaks kana irraa kan hubannu Qoricha qoricha kan taasisu ykn qorichi kan fayyisu bayina isaaf osoo hin taane xinnoomtuu ni ta’a.yoo qoricha miti ta’eefimmoo baayini isaa hiika akka hin qabneedha.kanaafuu qorichi baayinaan osoo hin taane qorichummaa isaan mirkana’a.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:67) “kan agadaa baalaan hin beekne dubbii haalaan hin beeku”

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu namni agadaa baalaan hin beekne dubbii dugdaan ykn haalaan hin beekne fi agadaa baalaan hin beeknedha.kana yoo jedhu agadaa biqiloonni fakkaatan akkuma jiran baala isaatiin akkuma adda baafnu dubbiis osoo namatti hin himamin haalaan beekuu akka qabnuudha kan hubannu.

Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

“Ati maal na goote natu gaalamoote”

Yaada olii kanarraa kan hubannu mammaaksi kun mammaaksa gaabbii agarsiisu ta’ee balleessaa jiru kan balleesse si miti ana jechuudhaan kara faallaa kan ibsuudha.

HIMIINSA

Malkaamuu Taarikuu, (2005:21-23) himiinsa kana keessatti kan mullatu kan afee jaarsi ijoolleetti himutu argama.

> *Kabajami ilma koo gaaffiin kee baay’ee namatti tola.maal sitti fakkaate mukti kun dura ni caba,garuu mukichi qajeelaa ta’uu qaba.kana booda eerga aalbee ykn qottoo xiqqoodhaan irraa qulqullaa’ee booda ji’a tokkoo hanga waggaa*

tokkootti awwwaalama.kun garuu fedhii kee irratti hunda'a kana booda keessaa fuudhama.eerga fuudhamee booda nooraan irra qulqullaa'ee yoggaa inni qooru dhadhaa,dammaa fi mooraan rirriitama...dhaqna isaa guutummaatti dhaqnaa fi mooraan erga rirriitamee booda kaninni mucaa namaa fakkaatu. Nama ajaa'iba! Aadaan boonsaa akkasii iyyuu jiraa edaa?Ciminni ulichaa hoo akkami? Maal jedheen sitti hima ilma koo ...meeshaan waraanaa biraa kanneen akka shoolkettii biratti galata haa dhabu... yeroo bakka sirbaa dhaqani hoo sirba akkamiitu sirbamajedhe nimoonaan? Geelloo jedhama. Bakkuma fedhanitti geellifama moo bakka qaba? Lakki ilma koo bakkaa fi yeroo qaba.fknf yeroon isaa yeroo ayyaana fannoo, yeroo ayyaana qilee fi yeroo cidhaati...bakki isaa immoo Bakkuma fedhanitti geellifama moo bakka qaba? Lakki ilma koo bakkaa fi yeroo qaba.fknf yeroon isaa yeroo ayyaana fannoo, yeroo ayyaana qilee fi yeroo cidhaati...bakki isaa isaa keessaa bakkeewwan muraasan sitti hima: kooraa daandii, ganda qotee bulaa garjootti argama.qiinxii lolaa, naannoo kiiramuutti argamsa.laga hiddii, bakka kanatti kan wal-ga'an immoo cuuttaa, baddeessaa makkoo, tasiwoo, hooree fa'i fi kkf hedduudha jechuun ibsaniif

Malkaamuu Taarikuu, (2005:37) kana keessatti afee ilmi abbaatti himu argina.

Finfinneen immoo eessaa?

Yaa abba! Hin qoosta moo dhugumaa?

Maalin qoosa ilma koo dhuguman siin jedha.

Finfinneen isa jarri addis ababa jedhaniidha.

Maqaan kamtu dursee moggaafamere?

Baay'ee nama dhibda abba akkam gaaffiin nama qortaa?

Maal sitti fakkaate: maqaan finfinnee jedhu kan mogga'e jaarraa 16ffaa keessa yoggaa sosochii gadaati.keessumaa immoo bara gadaa michilleetti, gadaa kanatu diina isaa...namicha jaan amooraa jedhamuadamsee bakka hamma finfinnee jedhamu kanaan ga'anii, dura bu'aa diina isaaniis ajjeesanii maqaa kana gonfaniif.finfinnee jechuun immoo maal ilma koo? Obbo! Asirratti egaa kana jechuu irra irraa waan beektonni seenaa lafa ka'an Kanin kitaaba tokko irraa argadhen siif odeessa:akka beektonni seenaa jedhanitti finnee-finnee jecha jedhamu irraa argame.kana jechuun gadaan michillee erga lola geggeessanii diina isaanii injifatanii booda finnee finnee jechuudhaan eerga diina isaanii injifatanii booda yerochuma finfinnee jechuudhaan bakki sun beekamee hafe.hayyoonni seenaa tokko tokko immoo naannoo sana bishaan ho'aan lafa keessaa waan ol finiinuuf finfinnee jedhame jechuun dhugaa ba'uuf. Ilma koo addis ababaa inni jedhani hoo? Maal sitti fakkaate obbo,kun kan mogga'e bara 1896 ttidha. Maqaa kana kan kenneefis haadha manaa minilik Xaayituudha. Gurri kee haaga haa dhaga'u ilma koo kunoo ani abbaan kee umurii amma kana lafa irra jiraadheen kana hin barinan ture,ati garuu mucaan kaleessaa na barsiiste.jedhee dinqifachuu eegale.

SIRBA GEELLOO

Malkaamuu Taarikuu, (25-26)

Galagalcha abbaa rabbi garbittiin dasee haatee
Galagalii naaf sirbi namtittiin gadhee taatee
Dibbee kee dha'ii dha'ii yaa kiraara koo jedhi
Na fudhuu badii gali yaa ixaana koo jedhi
Yaa ixaana hundee,yaa nuugii mana boroo
Kottu ijaan wal-agarraa yaa lookoo intala qoroo
Karaa saaqaa boqqolloo surraan kaleessa darbe
Garaa kaasaa tokko immoo harraaf kaleessan arge
Gaangoo giraazmaach hundee jajjaba hin dheedu fardi
Maal yoo bishaaqaa dhufte natty haa bareedu lafti
Didibbeen diiga jedheen warri baabboo lallaba
Si jibbeen dhiisa jedheen marrummaan koo dadhaba
Yaa biddeena boqqolloo,yaa adii akka sabbataa
Namni olla keessan jiru osoo hin nyaatin gabbata
Manni keessan haa jigu situ ijaarrata malee
Warri keessan na jibbu situ na jaallata malee
Kuunnookaa manni isaanii fuullee bishaan waraabaa
Na jaallatti intalli isaanii na jibbukaa isaanii
Du'i hin dhiisu intala isaanii
Morma loshee lowee xiilloon darabaadha
Barbaree biqiltuu yaa madaa quba jalaa
Marmaree si liqinsuu yaa masaaqula intalaa

ABAARSA

Malkaamuu Taarikuu, (2005:46) "Isa iyyuu na ilaalaa ija kee irra biyyoo haa deebisanii abbaa.ofumaa hin dhama'in loomii hoo hin argattuu.loomii hoo hin argattu! Isa qalbii dabarse malee eenyuutu ishi jedhee sitti heeruma.dhaqii saree fuudhi abbaa.jettee hamma abaarte abaartee sokkite"

Arrabsoo dhiirri arrabsamu yeroo balbala ol-seenu akkaataa inni ittiin kadhateen yeroo arrabsan akkas jedhu, Malkaamuu Taarikuu, (2005:55)

Baala abiraangoo Boqojjii sooressaa
Raammoo abbaa bicinqaarroo macarassi
Soddaan durii karra bililee fidee
Margaan kadhata abbaa soddaa koo
Inni ammaa farra,bixxillee fixee
Marqaan kadhata hoo

Yoggaa inni kokkolfu immoo akkas jedhanii arrabsu.

"batee xiqqoo gola dhabbatti
Soddaan mananaa gammadde xinnoo kolfa jaallatti.
Qeerroo dullattii
Udaan guddatti
Kanaaf huqqatti"

Yeroo nyaata nyaatanii ka'an soddaan akka aadaatti nyaata deebi'e jala akka aadaatti qarshii kaa'a,akkas jedhu yommis immoo Malkaamuu Taarikuu, (2005:35)

Baala ambaltaa yaa doggomaa
atoo hin barree yaa tortora
Maaddii irra kaa'u shantama
Maalitti beekta ulfin abbiyyuu
Ulfina maatii keeyyuu hin beektuu
Daaguzaa muruu shan bakkee buluu
Abbee soddaa koo qoortuu asheeta hin nyaatu
Mataa midhaanii yoo gogsan malee
Gossanuu hin nyaattu hin rarraafti malee
Maaloo hiriyee koo an hiddan se'ee
An dhirsan se'e
Xaddeetu si nyaatee
Bakkeetti baasee

Yeroo inni mangaagaa guutee nyaaatu immoo akkana jedhu, Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

“hiddii xooxaraa gurbaa yaa soddee
Suutuma nyaadhu hudhamtee
Mataa abbaa kutaa barbaree baalaa
Sukkaaraa marmaree maa itti cuqqaalaa?”

Yeroo inni misirroo fuudhee gadi ba’uuf jedhu immoo, Malkaamuu Taarikuu, (2005:57)

Aabbee soddaa koo xuuxxuu sigaaraa

Udduu si aara

Eessaan gadi baata

Harra albaata

Albaatu hin galtu

Qullaa kee galta.

Yaada kanarraa kan hubannu soddaan kun haa xuuxu haa dhiisu jechi kun kan ittiin jedhamu ta’ee,amma inni mana keessaa gadi ba’utti kan arrabsaniidha.

Jechamoota

“Ibidda saafaa”(Malkaamuu Taarikuu, 2005:8). kana jechuun kan waan dhaamuu hin dandeenyedha

“Ollaa bunaa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:8 fi 15).

kan walitti dhihoo ykn wal-biraa jechuu yoo ta’u ibsa kitaaaba kanaa keessattis kanuma ibsuufidha.

“Nama nyaataa” (Malkaamuu Taarikuu,2005:8) Kan fira fakkaatee nama galaafatu jechuudha
“Bu'ee ba'ee Kufee ka'ee” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:9). Kana jechuun kan ifaaja guddaadhaan rakkoo wayii keessa darbeedha.
“Harka maratee” Malkaamuu Taarikuu, (2005:9).-hojii hin hojjetu ykn callisee ta’a jechuudha.

“Garaa saree” Malkaamuu Taarikuu, (2005:9). Hunda danda’aa

“Lafa dha'e” (Malkaamuu Taarikuu, (2005:10).ni kufe

“Xurii qeensaa” (Malkaamuu Taarikuu, 2005:10).xinnoo jechuu yoo ta’u tuffii kan agarsiisuudha.

“Hafuura kutanii”(Malkaamuu Taarikuu, 2005:10).Sardanii ykn ariifachiisanii

Waraqaa mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo kanaa gadiitti heerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa,hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee,ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa qorataa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Maqaa gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____